# HUBANNAA LAKKOFSOOTAA HUNDAAF

## MEESHAALEE BARUU BARSIISUU HERREEGAA






# HUBANNAA LAKKOFSOOTAA HUNDAAF

# (NUMERACY FOR ALL)

## MEESHAALEE BARUU BARSIISUU HERREEGAA




Qajeelcha barsiisotaa fi Leenjistootaa akkamitti akka karaa salphaa ta'ee fi baasii salphaan meeshaalee baruu barsiisuu qopheessuu fi itti fayyadamuun herrega daree barnootaa keessatti si'ataa goonu.



## Seensa

Qaajeelchi kun yaadota meeshaalee Deeggarsaa barnootaa fi meeshaalee baruu-barsiisuu leenjistootni, barsiistonni fi daa'imman qopheessuu, fayyadamuu fi kuusuun ittii fayyadamuun baruu barsiisuu herregaa hubachiisuuf gargaaran of keessatti hammata.

Meeshaaleen qabatamaa Herrega barsiisuu keessatti maliif barbaachisu?
Hubachuu fi hiikkoon guddina sammuu daa'imman herrega irratti qabanii fi meeshaalee deeggarsaa qabatamaa adeemsa kana galmaan ga'uuf fayyadamnu handhuura baruu – barsiisuu herreegaati. Hubannaa malee tarsiimoon kamiiyyuu hiika hin qabu. Manneen barnootaa baay'een meeshaalee baruu – barsiisuu herregaa warshaa irraa oomishaman hin qaban. Sababni isaa meeshaaleen kun qaalii dha waan ta'aniif. Qajeelchi kun barsiisota herregaa rakkoo kana akka furanii fi barsiisaotaa fi daa'imman meeshaalee kana akka qopheessuun(oomishuun) seeraan itti fayyadamuun baruu- barsiisuu herreegaa hiika qabeessaa fi bashannansiisaa taasisan godha.

Kun kan agarsiisuu akkaamitti meeshaaleen wantoota naannoo keeyatti argamanii fi darban irraa baasii malee oomshuu (qopheessuu) akka dandeenu dha. Akkasumas wantota rakasha fi salphatti argachuu dandeenyu irraa akka oomshinuu dha. Suuraaleen meeshaalee aslii akkamitti oomishuu fi itti fayyadamuu dandeenyu gadi fageenyaan ibsamaniiru. Meeshaaleen gahaa ta'an daa'immaniif oomishuun(qopheessuun) akka tutuqan gochuun herrega keessatti furtuu dha. Akka agarsiisaa qofatti itti fayyadamuun sirrii miti. Kooppii isaanii baay'isuun yeroo dheeraa fudhachuu danda'a. Garuu baay'isuun bu'aa baay'ee qaba. Caljedhanii fakkeenya tokko fayyadamanii daa'imman barsiisuun hiika hin qabu.

Si'a tokko Meeshaalee yoo oomishine, akka yeroo dheeraaf turuu(tajaajiluu) danda'utti seeraan kuusuun barbaachisaa dha. Daaa'imman meeshaalee seeraan ilaaluun iddoo isaanitti kabajaan akka deebisan barsiisuun barbaachisaa dha. Meeshaaleen kunis daa'immaniif yroo itti fayyadamuu barbaadanitti eessaa akka argatan beekuun barbaachisaa dha. Boorsaan adda baaftuu fi wanti meeshaaleen keessa taa'an daa'imman salphatti akka barbaadanii fudhatanii fi eessatti deebisuu akka danda'an jiraachuu baay'ee barbaachisaa dha. Yaadotni muraasni karaalee meeshalee kuusuu dandeenyau qajeelcha dhurratti ni jira.

Meeshaaleen adda addaa jiraachuu (fakkeenyaaf, gatii bakkaa barsiisuuf; meeshaalee adda addaa hedduu jira. Meeshaalee adda addaa abuuruun hubannoo keenya cimsa.) Kun dhiibbaa daa'imman meeshaalee walfakkaataa fayyadamuu hir'isuun akka daa'imman meeshaalee adda addaa kan yaada walfakkaataa ibsan waljala jijjiiruun fayyadaman godha. Fakkeenyaaf gareen tokko bilookii gatii bakkaa yoo fayyadama ta'e, gareen biroo immo abakaasii fayyadamuu danda'a.




Qajeelchi kun akka madda yaadotaa fi meeshaaleen leenjistootni oomishamuun agarsiisuuf barsiisotaa fi daa'imman fayyadamuu danda'anii dha. Barsiisota akka meeshaalee oomishuuf yaalan gochuun akka daa'immanitti akka isaan mala baruu barsiisuu haaraa kana hubatan gochuu danda'a. Yoo danda'ame, meeshaalee kana daa'imman waliin akka agarsiisa barannootti fayyadami. Kanaafuu barsiisonni hammam gahaa meeshaaleen kun akka fayyadan ni hubatu.


Meeshaaleen qajeelcha keessa jiran hundi anaatiin akka tola ooltummaan VSO bakka bu'ee wantoota gatamanii fi salphaatti naannoo keenyatti argaman kan gatiin rakashaa ykn gat thin baafne irraa qophaa'an kan godhee dha. Isaanis beektota, barsiistota fi daa'immaniin kan yaalamanii dha.


***Mary Watkins.***

*Maateriyaalii kana foormaatii kamiirratti kooppii gochuu fi irra deebiin qindeessun hiruun heyyamamaa dha. Garuu,mateeriyaalichaaf gatii ennuun barbaachisaa dha. Meteriyaalicha dhimma daldalaaf oolchuun gonkumaa dhoowwaa dha. Yoo wal keessa mattee , haaromsuun ykn materiyaalicha irratti hundooftee hojjeta ta'e, isaa fooyya'e hin raabsin.*

Viidiyoon yaada kana gargaaran karaa **"MESH Guides Youtube"** fi qoranoo bu'uuraa fi odeeffannoo karaa - http**://www.meshguides.org/** irratti argachuu dandeessu.

<table>
<tr>
<th>Fakkii meeshaalee fi Ibsa isaanii waliin</th>
<th>Akkamitti akka qophaawu(hojjetamu)</th>
<th>Akamitti akka fayyadaman</th>
<th>Yaada biroo</th>
</tr>
<tr>
<td>1. Gabatee natti agarsiisi. karaa tokkoon qullaa, karaa biraa sarara, sarara kan qabu (fkn. 5X4)<br><br><br><br>Fakkii 2</td>
<td>Muka qallaa yookiin kaardii boordii (gabatee) furdaa fi reektaangilii muri (yaadaan hammi isaa gidduu A5 fi A4 ta'e). Kaardii boordii (gabatee) irraa qabattoo (waan qabate) irraa balleessi.<br>Karaa lamaanuu qalama gurraacha dibi. Karaa tokko qalama adii fayyadamuun sarara iskuweerii gochuun akka Fakkii 2 armaan olitti dibi (hub barbaachisaa miti.)<br></td>
<td>A. Dhuunfaan (yoo boordii (gabatee) n gahaan jiraate), hojii cimdii fi garee. Yeroo barsiisaan mallattoo kennuuf Daa'imman boordii (gabatee) irratti boroonqiin haa barreessanii (fkn 1, 2, 3 natti agarsiisaa) barattootni hundi boordii (gabatee) isaanii gara barsiisatti haa olqabanii. Anaaf barsiisaan salphumatti eenyu akka hirmaatee fi deebii deebise ni arga.<br>B. Hojii wixineessuuf gaarii dha, lakkofsa barreessuuf shaakaluu, pirobleemii herregaa hojjechuuf wixineessuu, danaa guutuu garee-gareen qooduu, lakkofsa jechaan barreessuu fi kkf.<br>C. Karaa sarara iskuweerii goone gatii bakaa irratti barreessuuf gargaara. Kunis lakkofsa sirrii akka barreessinuu fi giraafii salphaa akka ijaarruf nu gargaara ykn Abakaasii fayyadamuun gatii bakaa agarsiisuu dandeenya.<br>D. Karaan sarara iskuweerii goone firaakshinootaa fi tapha herreegaa anneen akka biingoo fi daayii irratti taphachuuf fayyadu.<br>E. Firaakshinootni – boca adda addaa ijaaruu fi walakkaa, kurmaanaa fi kfkf dibuuf gargaaru.<br>F. Boca kaasuu (ijaaruu) – Barsiisonni ykn daa'imman biroo cimdii ykn gareen ta'uun boca akka ijaaran gaafachuu.<br>G. Fuulaa sa'aatii ijaaruun harka isaanii sa'aatii gaafatamerra akka godhan gaafachuu.<br>H. Sararoota adda addaa ijaaruuf akka shaakalan gochuu.<br>I. Seentimeetiraan tilmaamuu – fkn barsiisaa daa'imman wanta 6cm dheeratu fi kkf akka ijaaran gochuu.<br>J. Taphachiisuu "na tilmaam". Daa'imman (ykn barsiisaan) boca akka ijaaran, lakkofsa akka barreessanii fi kkf gochuu. Daa'imman biroo wanti barreeffame maal akka ta'e karaa akka agarsiisan gochuu. Yookiin daa'imman gaaffilee eeyyee/lakkiin deebifaman gaafachuu. Fkn roga afur ni qabaa?</td>
<td>Akka carraa maateriyaaliin dare hunda gala fi faayda qabeessa ta'e, barannoo hundaa keessatti fayyadamuun bay'ee barbaachisaa dha. Iyyaafannoon battalaa daree hunda keessatti hojirra oolchuun 100% hirmaannaa mirkaneessa. Daa; imman yeroo muraasa duraatiif boordii (gabatee) yeoo fayyadaman itti gammaduu danda'u. Garuu yeroo hunda yoo fayyadaman ofii isaanii akka duudhaa fi jeequmsa tokko malee gammaduun of ilaalan godha.</td>
</tr>
</table>

| | | | |
|---|---|---|---|
| | | K. Yeroo daree guutuu fayyadamna ta’e, daa’imman yeroo yaadan kennuu fi boordii (gabatee) isaanii irratti mallattoo qofa akka agarsiisan barsiisaan gochuu. | |
| **2. Daayii**<br><br><br> | Kiyuubii xiqqaa (4cm ykn 5cm) mukarraa hojjatame fayyadam. Maarkeeriitiin tuqaa ykn lakkofsa irratti barreessi.<br><br>Dootiilee(dots) 1 – 6<br>Dootiilee (dots) 0 – 5 (kara tokkoon qulqullu karaa biraa immoo tuqaalee 1-5 barreessi.)<br><br>Kiyuubicha kaardii boordii (gabatee) irraa hojjedhu. Sarara iskuweerii irratti (4cm ykn 5cm ykn bal’ina sarartuun) ijaari. Sana booda neetii iskuweerii 6 mummuri. Sana booda sarara irratti walitti dachaasi (sarartuu fayyadamuun dachaasuun akka irra caalaa qajeelaa ta’u taasisa.) kiyuubii hojjechuuf isa dachaafte plaasteraan walqabsiisi.<br>Kaartooniin aannanii fi juusii kiyuubii bareedaa uumu. Sababni isaa sarara salphatti dacha’uu fi qulqullaa’uu akkasumas baay’ee akka bareedu waan godhuuf.<br>Yoo kaardiin gahaan neetii hojjechuuf hin jirre ta’e, iskuweerota waliti maxxansuun kiyuubi hojjechuu. Dursa waraqaa irratti mxxansuun neetii uumuun walitti dachaasuun walitti maxxansuu dandeenya. | A. Hojii cimdii ykn garee. Daayii furguggeessi. Tuqaalee laakka’ii isa birootiif lakkofsa himi. Kunis daayii tokko ykn lamaan hojjetamuu danda’a.<br>B. Tapha taphachuu – cimdiin ykn gareen tiimii lamaan hiruun (Tiimii keessatti 2, 3 ykn 4 akkaatuma baay’ina gareetiin) waraqaa ykn gabatee natti agaarsiisii fayyadamuun tiimiin hunda lakkofsa gidduu 2 fi 12 haa barreessanii (yoo dootii 1-6 fayyadamta ta’e) ykn 0 – 10 (yoo dootii 1-5 fayyadamna ta’e.) Dabaree dabareen daayii lamaan darbuu danda’u (hojii garee keessatti daa’imman tiimii tokko keessaa daayii tokko darbuun hirmaannaa dabaluu danda’a). Dootota ida’uun yoo lakkofsi gadi garagalee barraa’e lakkofsicha ni qaxxaamuru (ykn dhagaan ykn qadaadaan cuqqaaluu). Yoo hundi dursee cuqqaalame lakkofsota itti dabalame cuqqaali. Fkn yoo hundi 7 ta’e, 5 fi 2, 1 fi 6, 3 fi 4 cuqqaalamuu qabu. Tapha hanga lakkofsootni dhumanitti itti fufi. Yeroo hundaa oldarbuun deebii dubbachuun herreeguu haa shaakalanii.<br>Mootonni (kan moo’e,) lakkofsa isaanii dursa qaxxaamura ykn tiimiin lakkofsota bay’ee qabu yoo yeroon dhume ni qaxxaamura. Tapha kana boordii (gabatee) lakkofsa hunda dura qabu qophaa’erratti taphachuu dandeenya. Fkn 1 – 10 ykn 2 – 12<br>Taphinni armaan olii lakkofsota biro qoyyabuufis ni fayyada. Fkn daayii darbuun lakkofsa baay’isi ykn hir’isi. Hiruun darbee ni hojjeta. Garuu xaxaa dha<br>C. Irra caalaa tapha xaxaa gochuuf daayii sadi fi iskuweerii dhibba fayyadam. Daa’imman cuqqaallii (qadaada qaruuraa) iddoo deebii irra kaa’uun haa herreeganii. (fkn 2,3,5 darbii 2X3=6 ida’uu 5 = 11, hojjechuu dandeessa, qadaada qaruuraa 11 irra ykn 2X3X6= 36 irra godhi. Taphicha idaa’uu ykn hir’isuuf ykn qoyyaboota bu’uuraa afraniif daangessa.Yoo gareen taphatama ta’e, daa’imman qadaada qaruuraa halluu adda addaa (different coloured bottletops) ykn | Karaalee dhuma hin qabnen daayii fayyadamuu dandeenya.<br>Dootileen 1 – 5 kan daayii qullaa ta’an, zero qabaachuuf karaa salphaa dha. Ykn lakkofsa hidhaalee 10f barbaachisoo dha.<br>Daa’imman yeroo hundaa lakkofsota firooma ykn hidhata hin qabne darbatu, garuu isaan herreega sammuu baay’ee hojjechaa jiru.<br>Taphni karaalee baay’ee daa’imman herrega sammuu akka hojjetaniif gargaaruu dha.<br>Huba. 1 ida’uun, hojjechuun hin danda’amu, yoo daayii lakkofsa 2X 1-6 ta’e. Garuu yoo hir’isuu, baay’isuu 1X1 ykn hiruu fayyadamna ta’e, 1 gochuun ni danda’ama)<br>Iskuweeriin 100 karaalee baay’ee keessatti fayyaduu danda’a. daayii darbachuun daa’imman herrega baay’ee hanga |

| | | | |
|---|---|---|---|
|  <br> <br> <br><br>**Daayii Dijiitii/ kiyuubii lakkofsaa**<br> | Iskuweerii bal'aa (fkn rogoota20-30cm) qabu fayyadamuu daayii guddaa dareef uumuu dandeenya. Yoo inni kun kiisii pilaastikaa dalagaan qaba ta'e, kaardiin lipsuu (flashcards) kiisii keessa kaa'uun daayichi akka dhimma adda addaaf oolu gochuu dandeenya.<br><br>Kiyuubii Baayy'ee salphaa fi rakasa kan ta'e, kan tubboo mana ficcaanii irraa hojjetama. Tubboo mana fincaanii kara lamaanuu diriirsuun (baxxee gochuun) boca kiyuubooydii akka uumu godhi. Karaa gubbaa irraa xiqqeessitee muruun karaa jalaa ittiin safari (akka filannootti qarqara keessaa tokko safarii sana booda rogoota kiyuubooydii gadi safara). Bakka lamatti muri. Laa fi gubbaa malee kiyuubootni kunniin hammi isaanii walqixa ta'uu qaba. Tokko deebisi. Kanaafuu kun isa biraatiif parpendiikulaarii waan ta'eef muraa isa biraa keessa hulluussisi (keessa naqi). Kun kiyuubii baay'ee salphaa taee dha. Akka jabaatuufi qulqulluu ta'u maxxansituu fayyadamuu dandeessa garuu barbaachisaa miti. Fakkii kaasuun laakkofsa ykn dootii fuulota irratti barreessi.<br><br>Kiyuubootni armaan olii hundi akka daayii dijiititti fayyadu. Kunniin kiyuubota lakkofsi fuulota irratti barraa'e (daayii dhokataa). | tiimiin tokko qadaada qaruuraa waljala daddabarsuun (tokko ol tokko gadi) ykn qadaada qaruuraa ykn dhagaa fayyadamuun tiimiin kamtu qadaada lakkofsa kam akka cuqqaale adda baafachuuf gargaara.<br> <br>D. Salphaa P1/ tapha dandeettii gadi aanaa. Tokkoon tokkoo cimdii/garee gabatee qabaachuu qaba (kan boorsaa aaanii, waraqaa ykn kaardii irraa tolfame) kan sarara iskuweerii dootii 1-9 qabu. Daayii lama dootii qabu (0-5) darbuun dootota itti dabali. Qadaada walitti dhufoo dijiitii irratti barraa'ee barbaaduun sarara iskuweerii irra kaa'I (godhi). Kan moo'e, dursa iskuweerii hunda haguuga. Yoo duwwaa lama oldarban yookiin irra deebi'anii darbatu yookiin lakkofsa biraa daayii irraa filatu (akka yaadan gochuun). Taphni kun daayii dijiitiin yoo taphatte kan daayii dootii irra caalaa xaxaa ta'a (kan armaan gadii ilaali).<br><br>E. Daa'imni tokko lakkofsa gidduu 2 fi 12 ykn 0 fi 10 akaakuu daayii fayyadamaa jiru irratti hundaa'ee filachuu danda'a. Dabareen daayii lama darbachuun lakkofsoota dabala. Eeyyu lakkofsa filatame argachuun tokkoffaa akka ta'e ilaali. Makoo yeroo darbannu ta'uu danda'u kan laakkofsa" boordii (gabatee) natti agarsiisii" irratti hojjechuu danda'u barreessi (danaa garee- garee- hunda fayyadami). | danda'an hojjechuu danda'u. Tokko filachuun afur dalgee hiriira galchuun yaaluu danda'u. |

| | | | |
|---|---|---|---|
|  | Fuulota jaha (6) qofa waan qabuuf yeroo hunda 0-10 barbaachisa. Karaa tokkoon haala gaariin itti fayyadamuuf daayiin kiyuubota lama qabaachuu qaba – tokko asxaa 0,1,2,3,4,5 kan biro immoo 0,6,7,8,9. Kan qabu. Daayii 2ffaa irra fuula duwwaa (qulqulluu) tokko jiraachuu qaba ykn zero lammaffaa qabaachuu qabda.<br><br>Halluu adda addaa fayyadamuu dandeessa (gatii bakkaa meeshaalee – keelloo = kuma, Magariisa= dhibba, cuquliisa = kudhan, diimaa = tokko.) haa ta'uutii keelloon rakkoo ta'uu danda'a. sababni keelloo argachuu waan hin dandeenyeef, iddoo isaa gurraacha fayyadamuu dandeessa<br>A tuu kiyuubota 8<br>4X 0,1,2,3,4,5<br>4X 0,6,7,8,9<br>Lakkofsoota hund 0 - 9999 irraa hojjechuu dandeenya. | F. Daayii tokko darbuun lakkofsa walfakkaataa qadaada qaruuraa irraa laakka'I ykn daayii dabalataa darbii walitti ida'i (ykn hir'isi, baay'isi). Lakkofsa walfakkaataa qadaada qaruura / dhagaa fi kkf lakka'i.<br>G. Daayii darbachuun dijiitii "boordii (gabatee) natti agarsiisii" irratti barreessi ykn yaadannoo irratti ykn kaardii libsuu walitti firoomsii barreessi.<br>**Yaadota daayii dijiitii fayyadamuuf gargaaran:**<br>H. Tapha Daayii keessaa kamirraa ol iddoo daayii dootii irra daayii dijiitii fayyadamuu dandeenya. (Kunis fakkii (pictorial) irra dhoksaa dha).<br>I. Lakkofsa kenname gareen keessatti fayyadamuun haaluma walfakkatuun kaardii libsuu ykn qadaada qaruuraa fayyadamuun lakkofsa irratti qopheessi.<br>J. Daayii1,2 ykn 3 gangalchuun meeshaalee qabatamaa fayyadamuun lakkofsa hojjedhu(meeshaa gatii bakkaa fayyadam)<br>K. Daayii gangalchuu lakkofsa ditii 4 tolchuus qindeessi (daayii 3 dijiitii 3'f kkf). Ajaja Barsiisaatiif debii kennuu(fkn osoo daayii hin deebisin lakkofsa guddaa fi xiqqaa irra deeb'anii qindeessuun hojjechuun ni danda'ama, lakkofsichatti 6 ida'i<br>(Daayicha deebisuu ykn jijjiiruu qabu).<br>L. Lakkofsa kenname hojjechuun ajaja barsiisaaf debbii kenni. 14 lakkfsicharratti ida'uun lakkofsa guddaa hojjechuuf irra deeb'ii qindeessi fi kkf. Barattootmi hundi lakkofsa walfakkaataa yoo hojjetan daree keessa deemuun iyyaafachuun salphaa dha.<br>M. Daayii fayyadamuun (daayii dootii fi daayii dijiitii waliin). Daayii 1, 2, ykn 3 darbii dootota (dots) lakka'ii daayii dijiitii irratti laakkofsa godhi. Kun cimdiin ykn gareen tiimii tokkoon darbamee hojjetamuu qaba. Kan hafan immoo lakkofsa hojjechuu qabu.<br>N. Barattoota ciccimoo ta'anii kiyuubii dijiitii lakkofsota baay'ee waliin kenni (kunis 6-9) fi kan suuta baratuuf lakkofsa gadi aanaaa fayyadamuu dandeessa (1-5). Gabatee Baay'isuu shaakaluuf taphicha taphadhu. Kiyuubota Lama darbachuun lakkofsoota baay'isi. Yoo gara duwwaa darbatan irra deeb'uun darbachuu ykn lakkofsa barbaadan kamiiyyuu filachuu danda'u. Dabaree | |

| | | | |
|---|---|---|---|
| | | fudhachuun ida'ama waliigalaa eeguu. Yoo yeroon dhume Kan moo'atu isa ida'ama guddaa qabu ta'a. | |
| **3. Kiyuubota biroo/daayota**<br><br><br><br> | Akkuma armaan oliitti hojjedhu. Garuu mata dureewwan herregaa biroo fayyadami. Bocoota adda addaa, Firaakshinoota, fuula sa'aatii fi kkf fuulota kiyuubotaa irratti ijaari.<br><br>Maarkeriin furdaa waan ta'eef Yeroo fuulota sa'aatii hojjeta ta'e, qalama biro jedhamu fayyadamuun lakkofsa irratti ijaari. Geengoo sirrii argachuuf wanta ta'e irra naannessuun ijaari (kannen akka marama xiqqaa teeppii keessaa). | **A.** Gochaalee walitti firoomsuu – Kaardii libsuu xiqqaa irratti barraa'e kan aasxaa qabu rogoota keessaa tokko waliin wlitti firoomsi. Akka taphaatti taphadhu. Kiyuubicha naannessuun kaardii libsuu sirrii waliin firoomsitu barbaadi. Ykn kaardii libsuu deebisuun miseensonni garee dabaree godhatanii kiyuubichaa naannessuu hanga fakkicha kaardii libsuu waliin walsimatu argatanitti itti fufu. Tokkoon tokkoon naannessuu keessatti waan argatan akka dubbatan godhi( hatattamaan haa shaakalanii )<br>**B.** Akkuma kaardii libsuu fayyadami. Garee keessatti, barsiisaan gaafii gaafachuun barattootni kiyuubii irratti olqaqbuun ykn fuula isaa olgaragalchuun minjaala irra kaa'uun deebii barbaaduu qabu. Fkn mee rog-sadee kofa sirrii natti agarsiisi, geengoo natti agarsiisi, boca qarqara qajeelaa qabu natti agarsiisi. Barsiisaan daree keessa naanna'uun deebii barataa haa mirkaneessuu<br>**C.** Tapha gareen taphachuu. Daa'imni tokko boca maqaa haa waamu (fkn iskuweerii). Sana booda Daa'imman dabaree fudhachuun daayii hanga iskuweeriin mul'atutti haa darbatanii. Tokkoon tokkoo darbachuutiif maqaa bocichaa ni dubbatama. Tuqaa (ykn qadaada qaruuraa) daa'ima boca maqaa qabu darbee kenni. Haala kanaan daa'ima biroo kan boca maqaa waamee kenni<br>**D.** Daayii darbuu fi garee keessaa inni biroo boca "boordii (gabatee) natti agarsiisii" irratti haa ijaaruu. Sana booda kan biroo darbuun kan biroo ijaaruu. Boca ijaarame walitti qabuun fakkii tolchuuf yaaluu.<br>**E.** Kiyuubii tokko irratti jechoota yoo qabaattee fi kan biraa irratti fakkii yoo qabaatte taphicha taphadhu – daa'imni tokko jechoota haa naannessuu kan biroo immoo fakkii haa naannessuu kan hafe yeroo isaan firoomsan haa jedhuu. Ykn daa'imni tokko jecha kiyuubii jedhu haa naannessuu sana booda hundi isaanii dabaree qabatanii eenyu fakkii naannessuun tokkoffaa akka ta'e ilaalu(ykn garagachoo)<br>**F.** Fuula sa'aatii irratti baacoo sa'aatii fayyadamii (fakkii ilaali) kiyuubii irratti sa'aatii wal simate agarsiisuu<br>**G.** Xaxaa gochuuf barsiisaan gaaffii garagaraa kanneen akka –sa'aa 4 barbaadi, maaltu sa'aatii walakkaan duubatti/dursa…<br>**H.** Kiyuubota sa'aatii naannessii tartiibaan kaa'i. | Hojii cimdii fi garee xiqqaa jechuuf meeshaan barbaachisaa dha. Meeshaalee hojjechuuf fagaatanii deemuun tuutni tokko garee tokkoo oliif hiruu danda'a. Fakkeenyaaf kiyuuboonni sa'aa 8 – 4 tokkoon garee lamaaf kennuu ni danda'ama. Garee kiyuubota afuriin taphachuun waljijjiiruu danda'u.<br><br>kennaa – daayii mukaa minjaala mukaa irratti darbachuun jeequu danda'a. kanaaf jeequmsa kana hir'isuuf daa'imman yaadoannoo fa'a irratti akka daayii darban gochuu dandeenya. |


<table>
<tr>
<td>4.Qadaada qaruuraa – hojii lakkofsaa<br><br><br><br><br>Ulee xiqqaa ittiin lakkofnu hidhaa kudhanii fayyadamuun.<br></td>
<td>Qadaadota qaruuraa daree keessatti osoo hin fayyadamni dura bishaan saamunaa qabuun miicii akka sirritti gogu godhi. Qadaada qaruuraa ulee n lakka’uu fi jirbii irratti tuqaa gochuu.<br><br>Madooshaa fi misimaarii furdaa fayyadamuun qadaada qaruuraa irratti qaawa godhi.<br><br>Jirbii, shiboo irratti hidhi (ykn daaccaa muuzaa), haada moofaa (fkn chaarjerii mobaayilaa) ykn muka qallaa. (uleen leemmanii bareedaa dha ykn leemman naannoo walitti qabaa). Qadaadni qaruuraa baay’ataa 1, 2, 3 fi kkf uumuuf haalluun walitti qabamuu qaba.<br><br>Kudhaniin walitti qabuun lakkofsota baay’ee uumuuf gargaara. Uleen xiqqaan ittiin lakkofnu ulee leemmanii irraa kan tolfamee fi bishaan qadaadaa qaruura lama akka hidhaan hin kufne kan dhoowwu. Yoo qadaadni qaruuraa wal dhiiban qadaada sibiilaa akka hin sochoone eega – kuusuuf gaarii dha akkasumas walhin dhiphisu.</td>
<td>A. Laakkawuu – meeshaalee qabatamaa qadaada qaruuraa darbame fayyadamuun lakka’uu dandeenya<br>B. Qdaadni qaruuraa salphaan ida’uu fi hir’isuuf fayyaduu danda’u.<br>C. Qadaada qaruuraa gareessuun baay’isuu fi hiruuf fayyadami.<br>D. Qadaadni qaruuraa ulee irraa lakka’uufi qoyyaba lakkofsaa birootiif gaarii dha (+ - x :) akkasumas salphamatti sochoosuu (too’achuu) dandeenya.<br>E. Tuutni lakkawuu kudhanii jibirii irrattii ulee xiqqaa 100 fi hanga 100 lakka’uu fi achii olii yoo tokkoon tokkoon lakkawuu hin barbaanne keessatti fayyadamuu dandeenya.<br>F. Gatiin bakkaa fi lakkofsa hubachuu – ‘bofa’ qadaada qaruuraa 1000 daa’imman dinqisiifachuun kumni maali akka fakkaatu yaaduu danda’u. Jibriin 100, 10 fi 1 hidhame daa’imman gatii bakkaa akka hubatan gargaara. Qadaada qaruuraa kudhaniin haalluun walitti qabuu, lakkawuuf salphaa dha. Fakkeenya armaan gadii keessatti keelloo 10, haalluu walmakaa 10 irra deebi’aniiru.<br> <br>G. Jibrii qadaada qaruuraa 100 fayyadamuun daa’imman sararuu fi jibrii 1000 irra sochoosuun 100 meeqatu 1000 keessa jira ykn 100’n laakka’uun qadaada qaruuraa meeqatu akka jiru</td>
<td>Meeshaa akka gaaritti qaqqabamu daa’imman arguu hindandeenyee fi hubachuu hin dandeenyeef.<br><br>Bofti ‘igihumbi jedhamu karaa daa’imman kumni maal akka fakkaatu ilaaluun hubachiisuuf kan gargaaruu dha. Lakkofsa dijiitii 4 agarsiisuuf gargaara fkn 1267 – lakkofsichi qadaada qaruuraa irraa tolfama. Ilaalcha dogongoraa daa’immanii qaban kan yeroo hunda 7 akka lakkofsa guddaa fudhatan sirritti agarsiifama. Karaa bu’a qabeessa ta’e, iddoon gatii lakkofsa irratti dhiibbaa akka qabu agarsiisuuf gargaara.</td>
</tr>
</table>

**Jibrii qadaada qaruuraa**




**Qadaada qaruuraa ulee lakkawii ykn jibrii**





qadaada qaruuraa xarafa ulee irraa akka hin kufne dhoorguuf fayyadamuu dandeenya (fkn tubboo) xarafa cuqqaaluuf. Yoo laaphisii fayyadamta ta'e, maqasii osoo hin taane misimaariin qaawa xiqqoo tolchi–qaawichi xiqqaa ta'uu qaba.



Ulee meetiraa (fkn leemman) fi jibrii kara tokko ittiin hidhan. Jibrii pilaastikiitiin dungoo fayyadamuun hidhaa baqsuun akka fayyummaan isaa eeggamu.ykn laaphisii xiqqaa baaskilii/ mtorsaaykilii keessa isaa irraa fayyadamuu. Kara gubbaa qofa ykn gubbaa gareen qooduun ykn baay'isuun, qoodaan





laaphisii ykn jibrii irraa tolfamuu danda'a. Kun salphamatti gadi dhiisuu fi iddoo kamittu ulee irratti bakka buusuu ni danda'ama.


barbaaduuf. Haaluma walfakkatuun hidhaa jibrii kudhanii fi jibrii 100f hojjechuu dandeenya.



H. Uleen qadaada qaruuraa kan baay'inaan qindaa'e, baay'isuufi hiruuf fayyaduu danda'a. Fakkeenyaaf, daa'imman gubbaa meeqatu halluu walfakkaataa waliin akka qaban barbaaduu danda'u. Sana booda baay'ataan laakka'uu danda'u.
I. Qadaada qaruuraa jibrii irrattii fi muka ulee irratti meeshaalee baruu-barsiisuuf daa'immaniif yoo dhuunfaan ida'uu fi hir'isuulakkofsa xiqqaa irratti hojjetan baay'ee barbaachisaa dha
J. Jibirii fi uleen yoo qadaadni qaruuraa irraa bahellee meeshaa baay'ee barbaachisaa dha. Daa'imman lakka'uu, ida'uu, hir'isuu ni danda'u. (Yaadannoo yaada dabalataa keessa kan fayyummaa fayyummaa qadaadanote bahee ilaali.)

K. Ulee lakkawwii akka agarsiisaa daree ykn daa'imman agree keessatti fayyadamuu danda'u.
L. Lakkofsota qoqqooduuf Hirtuu goommaa fayyadami. Fkn. Lakkofsota lama walitti ida'uuf, baay'isuu tolchi, lakkofsota lakkoftee adda baasuu barbaaduuf _fkn 1_20 kanneen adda baasi.
M. 1-100 lakka'uun.
N. Lakkofsoota Gidduu 1 fi 100 tilmaamuun.
O. Haaluma walfakkaatuun ulee xiqqaa lakkawii fi hidhaa jirbii tiif akkuma armaan walitti ibsametti fayyadami.

Uleewwanii fi jibriileen qadaada qaruuraa dursee daree keessatti daa'imman argaanfi tutuqaan ykn yyaad dhokataa waliin wal'aansa walqabantii argamuu qabu Yoo qadaadni qaruuraawwanii keessa dabarsuuf fayyadaman ta'e naannoon qaawaa qaraa ta'uu hin qabu.. qaawa erga misimaaraan baafnee booda madooshaan fi mataan misimaaraa kan qara qabu kaamuu diriiraa godha .

| | | | |
|---|---|---|---|
| **Dijiitii qadaada qaruuraa fi**<br><br>**doototaa( dots)**<br> | Qadaadni qaruuraa duwwaa kan ta'e, lakkoftuu lakkofsaa tolchuuf yaddoo(ideal) dha. Qadaada qaruuraa irratti lakkofsa barreessuun lakkofsicha haala pictooriyaaliin galmeessi(dootii fayyadamuun) kara biraatiin (pictooriyaalii qabatamaa dhoksaa__CPA)<br><br>Karaa duwwaa (qullaa) sirritti barreessuuf qalama maarkeera fayyadami. Yoo haalluu adda addaa fayyadamta ta'e, salphamatti tuuta lakkofsootaa hojii gareef hirtu argachuu dandeessa.<br><br>Qadaada Qaruura kan duwwaa hin taane keessa maxxansituu akka barreeffama qadaada qaruuraa haguuguuf fayyadami irratti barreessi ykn qalama adii dibi. Yoo karaa tokko barbaada ta'e, qadaada qaruuraa kara jelaa qofa irratti barreessi.<br><br>Tuutni 0-9 baay'ee hunda gala – lakkofsoota dijiitii 2, 3, fi 4 tolchuuf gaarii dha. Qalama haalluu adda addaa fayyadamuun tuutota salphaatti akka adda baasan godha.<br><br>1-10 P1 lakka'uuf, 0-10 dabalata 5 waliin lakkofsa hidhaa 10 tolchuuf.<br><br>Qadaada qaruuraa jabanaa ykn tini keessatti Kuusuun tartiibessi.<br><br>Ykn tuutootni poostaa waraqaa mummuramaa irraa tolfame keessatti ykn | P. Lakka'uu<br>Q. Qadaada qaruuraa karaa dootiin jiru fayyadamuun tartiibessuu.<br>R. Dijiitota fayyadamuun tartiibessuu.<br>S. Doototа dijiitii waliin walitti firoomsuu– tuutota lama fayyadamuun daa'imman shaakaluun doototaa fi dijiitota hanga danda'an ariitii walitti haa cimdeessanii.<br>T. Tuutotni 0-10 (dabalata 5 waliini) hidhaa lakkofsa 10 tiif fayyaduu danda'u. Daa'imman lakkofsota cimdeessuuf garee keessatti hojjechuu. Ykn barsiisaan lakkofsa waamuun ykn lakkofsa agarsiisuun daa'imman qadaada qaruuraa lakkofsa waliin kan lakkofsa 10 tolchu olqabuu. Fkn. Barsiisaan 6 olhaaqabu/6 has jedhu daa'imman haa qaba.<br>U. Karaa gubbaa gara dijiitiin jiruun<br>V. QadaadaTake qaruuraa 1,2,3 ykn 4 gdhachuun lakkofsa uumuuf qindeessi.<br>W. Irra deeb'uun qindeessii lakkofsa guddaa/xiqqaa tolchi.<br>X. herrega kalaquuf Hojjii barreeffame fayyadami (ksraasarara iskuweerii gabateei natti agarsiisii irra ykn minjaala irra herrega barreeffame hojjechuuf ta'uu qaba).<br>Y. Lakkofsota kennaman tolchuun qoyyaboota irratti dalagi. Fkn. – 'lakkofsa 567 tolchi. Amma immoo 31 irratti ida'ida'i.<br>Z. Lakkofsa tolchuuf gàffilee banaa fayyadami (fkn lakkofsa dijiitii sadii dhibbarra kudhan càalaa tolchi.)<br>AA. Trtiibessuun lakkofsa hafe barbaaduu.<br>BB. Xiqqaa gara guddaa/guddaa gara xiqqaa tartiibessii kaa'i.<br>CC. Herrega godhi – fkn daa'imman qadaada qaruuraa herrega sirreessuuf haa qindeessituu. (Fkn. 45+31= 76) kanaafuu, barreessuu irra qadaada qaruuraa fayyadami.<br>DD. Tapha taphachuu – qadaadni qaruuraa hundi boorsaa keessa jiru – tokkoon tokkoon garee boorsaa qaba. Daa'imni Tokko gubbaa harkisa daa'imman lakkofsota irra baasu/lakkofsatti laakka'u fi kkf. Qadaada qaruuraa birootiif irra deeb'i. Ykn daa'imman hundi tokkoon tokkoon olee 1 haa harkisanii. Sana booda xiqqaa gara guddaa/guddaa gara xiqqaa haa tartiibessani. Ykn barsiisaan | Meeshaa qaqqabuuf gaarii ta'ee dha.<br><br>Salphamatti bilisaan argachuu dandeenya.<br><br>Yeoo mara qadaadni qaruuraawwanii $P_1$ qofaaf akka fayyadamnutti yaadama. Garuu gaaffilee ofeeggannoon filataman qadaadni qaruuraawwanii dijiitii irra jiru daa'imman rakkisuu danda'a.. Fakkeenyaaf – qadaada qaruuraawwanii dijiitota garagaraa waliin fudhuu lakkofsa gudda yoo danda'ame hojjechuuf tartiibessi. (fkn 9754) Amma gubbaa irra deebiin lakkofsa guddaa lammaffaa tolchuuf tartiibessi. |

| | | | |
|---|---|---|---|
| | boirsaa aannanii moofaa irraa tolfame keessatti salphamatti gareef hiruuf kuufamuu danda'a. | fakkenya kenna– fkn lakkofsa guddaa. Daa'imman hundi olee haa harkisani. Isaan lakkofsa guddaa kutaa qaba. Gaaffilee adds addaa fayyadami – fkn lakkofsota mangoo / lakkofsota guutuu/ lakkofsa 6tti ida'amee 10 fi kkf. | |
| Qadaada qaruuraa fuula ifaa daree barnoota pozativii guddisuuf  | Markeera fayyadamuun fuutota ifaa qadaada qaruuraa ijaari.<br>Daa'imman badhaafamuuf haa jaalatanii. Fuula ifaa barsiisaa isaanii irraa fi qadaada qaruuraa argachuu haa jaalatanii. | EE. Hojii gaariif badhaasa Qadaada qaruuraa Fuula ifaa kenni, hojii garee gaarii, amala gaarii fi kkf.<br>FF. Gareen kam/ barataa kamtu fuula baay'ee ifaa akka qabu ilaali.<br>Akkasumas badhaasa amala daree hundatti fayyadami. Qadaadni qaruuraa hundi kan akka badhaasaatti kennaman barattootaan akka hin eegamne. Garuu jabanaa waliigalaa keessa haa taa'u.<br>GG. Akkasumas barattoota meeqatu akka waliigalatti akka walitti qabame dhuma guyyaa/torbaanii ilaali. Isa kana isa guyyaa/torbaan jalqabaa waliin wal dorgomsiisi. Daa'imman isaan gumaacha godhan galatoonfadhu. | Daa'imman tokko tokko ofitti amanamummaa herrega irratti hin qaban. Amala pozatiivii too'achuu fi badhaasuun garaa gaarii ofitti amanamummaa ittiin olkaafnuu fi ilaalcha negeetiivii daa'immanii herreega irratti qaban jijjiirruu dha. |
| Qadaada qaruuraa waliigalaa walitti qabuu.  | Qadaada qaruuraa miicuun gogsi. Boorsaa ykn sanduuqa keessatti kuusi. Daa'imman akka salphamatti itti fayyadamani godhi. Kanaafuu, daa'imman yeroo barbaadanitti salphamatti argachuu danda'u.  | HH. Laakka'uu<br>II. Tilmaamuu – qadaada qaruuraa harka guutuu tokko ykn lama fudhachuun daa'imman hangamtu akka isaan yaada akka ta'e haa tilmaamanii. Eenyu akka deebii sirriitti dhiyaate ilaaluun lakka'i.<br>JJ. Halluuwwan fayyadamuun patarnii fi tartiiba tolchi.<br>KK. Lakkofsota fi bocoota ijaaruuf ilaali.<br>LL. Sarara iskuweerii irratti fayyadami (‘gabateei natti agarsiisii ykn waraqaa ) giraafii salphaagaree hordofuun ykn qorannoo daree tolchuuf(fkn ispoortii jaalatan)  <br>MM. Sarara iskuweerii irratti (gabatee natti agarsiisii ykn waraqaa) lakkofsa abakaasii gaatii bakkaatolchuuf fayyadami.<br>NN. Taphaaf akka lakkaftuu fayyadami (akka armaan olitti kutaa daayii keessatti ibsametti) | Tuttuquuf meeshaa gaarii dha. |

| | | | |
|---|---|---|---|
| **5. Tapha Iskuweerii dhibbaa qadaada qaruuraatiin**<br><br><br> | Qadaada Qaruura kara duwwaa fayyadamuun markeraan sirritti barreessi. Fkn Lakkafsoota1-100<br>Jabanaa ykn xaasaa keessatti kuusi. Qadaada qaruuraa duwwaa muraasa qabee keessa iddoo lakkofsotni muraasni hir'atu naqi.<br>Iskuweeriii 100 waraqaa ykn boorsaa aannanii keessoo irraa tolch<br><br>Qadaadni qaruuraa dijiitotaa sarara iskuweerii xixiqqaa waraqaa, kaardii, boorsaa aannanii ykn gabateei natti agarsiisii ijaaramu irraa tolfame.<br><br><br><br> | A. Daa'mman gareen hojjetaniif qadaada qaruuraa ajaji. Fkn. 1-10, 1-20 fi 1-50)<br>B. Iskuweerii 100 fayyadamuun lakkofsota firoomsi. Daa'immaniif hammam akka ariitiin xumuran akka of ilaalan yeroo kenniif. Ykn tiimii keessatti hammam akka dorgomaa ta'an fi tiimii kamtu akka dursee xumure ilaaluuf yeroo kenni.<br>C. Takka daa'imman iskuweerii dhibbaa waliin yoo walbaran (barannoo biraa irraa) Qadaada qaruuraa dijiitii iddoo sirrii isaa iskuweerii 100 duwwaa irratti deebisuun isaaniif xaxaa gaarii  dha. (Kunis 10X10 sarara iskuweerii duwwaa ) daa'mman carraa irra deeb'uu guyyaa itti aanu qabaachuu qabu. Yoo kana ta'e, akkauma shaakalaniin fooyyeffachaa waa'ee iskuweerii dhibbaa sammuu qulqulluu qabaachuu danda'u. Akkasumas herrega irratti sammuu dammaqaa qabaachuu danda'u.<br>D. Qadaada qaruuraa fi iskuweerii dhibbaa fayyadamuun paatarnii baay'isuu barbaaduun karaa baay'ee  gabatee baay'suu xinxalluuf gargaaruu dha. | Boorsàa aannanii - meeshaa deegarsaa baruu barsiisuu qulqulluiu bareeda , cimàa, hunda gala ta'ee dha. Sarara dachaa'aa fi markeraan irratti barreessuu danda'an, kan qulqullaa'uu danda'anii dha. Manneen barumsaa baay'ee keessatti boorsaa aannanii kumaatamatu torbaaniin akka samantha nyaataaf mana barumsaaf<br><br>kennama. Qulqulleessunis nama hin dhibu. Dhiyeessii baay'eetu jira akkasumas tola waan ta'eef itti fayyadamuun naannoof oduu bareedaa dha. |

| | | | |
|---|---|---|---|
| **6. Meeshaalee gatii bakkàa**<br><br>Kàrdii libsuu lakkofsa abakasii fi dijiitotaa (2,3 yknr 4 ) dijiitonni akkaataa sadarkaa daa'immaniitiin<br><br><br><br><br><br> | Kaardii libsuu gatii bakka (abakasii)<br><br>Garee tuutota hamma A4 fi A6<br>kaa'iii iskuweerii waraqaa A4(tuutadaree) ykn kaardii A6 (hojii garee)<br><br>laakkofsa mata keetii uumuuf iddoo duwwaa xiqqoo dhiisi.<br><br>Lakkofsotaafi dijiitii kaardii walitti dhufoo tokko tokko irra tuqaa ijaarii (A5 fi A7)<br><br>sarara iskuweerii duwwaa tiif qadaada qaruuraa fayyadami. s. It is a good idea to use blank bottletops with 1, 10,100 and 1000 written on them.<br><br> | <br>A. Tuuta kaardii libsuu A4 abbaa 10. Kaardii libsuutiif tuqaan taphadhu. kaardii dijiitii naannoo kutaa kaa'i, kaardiii abakasii tokko olqabi. Daa'immaniif yeroo yaaduu kenni. Sana booda mallattoo (fkn. tuqaa 1,,2,3 ) kenni. daa'imman deebii sirrii haa agarsiisanii.<br>B. Kaardii libsuu ykn kaardii dijiitii daa'imman cimdiif kenni. Cimdii tokko akka Ol ka'anii kaardii isaanii akka agarsiisan gaafadhu. Cimdiin deebii qabata haa ol ka'anii. dare cheekii godhi. Cimdii birootiif Irra deeb'i. Abakaasii ykn kaardii dijiitii agarsiisuu dandeessa.<br>C. Kaardota abakaasii kenni. giluu (walqabsiiftuu) gaaffilee banaaf kenni– fkn. Lakkofsi ani flashcardkudhan sadii qaba / tokko kudhaniin caala /irra guddaa 4000 kkf. Daa'imman deebii sirrii waliin dhaabbatanii. daree mirkaneessi.<br>D. Daa'imman 10 fuldur baasii abakaasii 5 fi kaardii dijiitii 5 itti kenni. worri hafan akka walitti firoomsan haa gargaaranii .<br>E. hojii garee – Daa'imman kaardii dijiitii fi kaardii abakaasii waliin walitti haa firoomsanii.<br>F. kaardii dijiitii fayyadamuun daa'imman abakasii qadaada qaruuraa fi sarara iskuweerìi waliin haa tolchanii.<br>G. Ida'uufi hir'isuu agarsiisuuf qadaada qaruuraa sarara iskuweerii duwwaa irra kaa'i. fkn. 1234 ida'uu 9, qadaada qaruuraa 9 afuritti(4) ida'i. Sana booda 10 laakka'i qadaada qaruura mana 10 waljijjiiri. qadaada qaruuraa lakkafsa 1,10,100 fi1000 irratti barreeffame.<br>H. Gabateei natti agarsiisii fayyadamuun (sararri iskuweerii gara duubaa akka sarara iskuweerii abakaasiitti fayyadu danda'a). Kaardii dijiitii agarsiisi. Daa'imman abakaasii ijàaruuf cimdii ykn garee xiqqaan haa hojjetanii. Mallattoo barsiisaa irratti daa'imman kaardii libsuu agarsiisuun haa waldorgomsiisanii.<br>I. Kaardii libsuu ilaaluun barsiisaan daa'imman akka lakkofsa ida'anii fi hir'isan gaafata. Abakaasii gabateei natti agarsiisii irratti ijaaruun lakkofsa haaraa dijiitiin haa barreessuu..<br>J. Kaardii libsuu abakaasii ol qabiitii daa'imman lakkofsa kaardii gatii bakkaa walirra oole fayyadamuun haa hojjetanii (gareen waliin haa hojjetanii) | Daree hundaaf Dhiyeessuuf salphaa dha.<br><br>Yoo 0 ol daree keessa jiraatan, ykn kaardii libsuu dabalataa ykn garee sadiin kenni.<br><br>Yoo meeshaaleen xiqqaa ta'e, walakkaa tuutaa garee hundaaf kenni . sana booda yoo xumuran wal haa jijjiiranii. |

| | | | |
|---|---|---|---|
| **7.Irra guddaa ykn irra xiqqaaa barsiisuu_Meeshaa deeggarsa argaa**<br><br> | Fakkii naachaa(karaa lameen) boordii kaardii irratti markeerii furdaan sarara mangaagaa fakkaatu ijaarii < > agarsiisi. Fakkii kun karaa lameen naachaati.<br><br>Lakkogsota qurxummii keessatti ijaari. Kanaafuu, daa'imman yaada naachi gara qurxummii lakkofsa guddaa deema jedhu argatu. .<br><br>12 57<br> | A. Naachi yeroo hunda lakkofsi guddaan isa qunnamuu barsiisi. (qurxummiin lakkofsa guddaa – lakkofsicha barreessuun qurxummii irratti naannessuun ijaaru agarsiisuu dandeessa).<br>B. Quba lamaan mallattoo hojjedhu, hubannoo iyyaafannaa daree hundaaf olqabi. Yooo lakkofsotni 2 gabatee boroonqii irratti barraa'an ykn kaardii libsuu irratti olqabame.<br> | Meeshaa Deergasa argaa gaarii yaada dhoksaa ta'eef hubachiisuuf gargaaruu dha.. |
| **8. Kaardii libsuu 0 - 9**<br>Taa'umsa barsiisaa A4 fi taa'umsa hojiii garee A6<br> | Boordii Kaardii ykn kaardii qallaa ykn waraqaa fayyadamuun tolfame..<br><br>Kaardii hammaan(size) muri (A4 ykn daree hunda hundaa barsiisuuf, A6 ykn hojii gareef xiqqaa)<br><br>Dijiitota hanga dheerachuu danda'utti barreessi – iddoo duwwaa guuti. Hunda isaaniif hamma walqixa kenni Make them all the same size, hamma furdachuu danda'u qulqulleessi. | A. Hojii daree hundaafi geemii(tapha)kanneen akka kaardii libsuu agagarsiisi, kaardii libsuu tuqi, tartiibessi kkf'f Taa'umsoota dheeraa fayyadami. Teacher holds up a flashcard – children clap the number<br>B. Barsiisaan lakkofsa yoo kaa'u daa'imman kaardii libsuu xiqqaa ol haa qabanii, kaardii libsuu dheeraa haa agarsiisanii fi kkf. Irra caalaa xaxaa godhi. fkn. 4 kaa'uun "baay'isi" jedhii 6 kaa'i (daa'imman 6X4 hojjetu ) ykn 10 kaa'uun "hir'isi" jedhii 2 kaa'i (10-2)<br>C. Kaardii libsuu garee xiqqaa , tartiiba, lakkofsoota hojjechuu.<br>D. Kaardii libsuu olqabi, kun deebii ta'uu gaafadhu, gaaffiin maal?" daa'imman gaaffilee irratti yaada kennu. Fkn. Yoo 9 deebii ta'e, innis 10 -2, 4+5, 63÷ 7 fi kkf ta'uu danda'a.<br>E. Kutaa Daayii ykn qadaada qaruuraa irraa yaadota ilaaliiwaan baay'ee gochaalee kanaa kaardii libsuu fayyadamuun hojjatamuu danda'aniif. | 'kaardii libsuu tuqi' – kaardii libsuu 6 gabatee irratti bakka duwwaa irratti walqabsiisi. Gareen daa'imman 6 qabu sarara ijaarame duuba lafarra haa dhaabbatanii barsiisaan gaaffilee haa gaafatuu, yeroo yaadaa kennuu, daa'imman immoo fiigaa kaardii libsuu deebii qabu haa tutuqanii. Gaaffilee 3 booda Garee jijjiiri<br>. |

<table>
<tr>
<td>


**9. gatii bakkaatiif abakasii fayyadamuu**












</td>
<td>

Abakaasiin salphamatti hojjetamuu danda'a. Muka kiyuubii 4cm karaa tokkoon qaawa fi leemman itti godhi. Ulee kara gubbaa akka qara hin qabaanne irraa muri . Ulicha qaawa keessatti maxxansi.




Qaawota qadaada qaruuraawwan

keessa misimaarii furdaan godhi. Yoo boolli bal'ate ykn dhiphate qadaadni qaruuraawwan akka fedhe ulee keessa socho'uu hin danda'u. sana booda misimaara hoo'e fayyadamuun, pilaastikii naannoo qaawaa



jiru akka dhaabbiin qaawa guddaa ta'u guggubi. Ulee tokko irra qadaada 9 kaa'i. kiyuubota Th, H, T, U tartiibessuuf Maxxansituu fayyadami (ykn afaan naannootiin) Kiyuubonni hudi tartiiba afur qabu - ulee abakasii fayda baay'ee hojjechuuf karaa lameenuu tokko godhi– daa'imman kiyuubii jijjiiruun karaa barbaadan fayyadamuu danda'u.

</td>
<td>

A. Lakkofsoota kennaman hojjedhu.
B. Kaardii libsuu dijiitii kenniifii daa'imman lakkofsota abakaasii irratti haa hhojjetanii.
C. Kiyuubota dijiitii fayyadami. Daa'imman kiyuubota darbuun lakkofsota tartiibessuun abakasii irra haa kaa'an.
D. Lakkofsaan eegalii abakaasii irratti hojjedhu. Barsiisaan ajaja kenna. Fkn. 21 ida'i ykn 102 irraa hir'isi jechuun daa'imman lakkofsa haaraa uumu.
E. Kaardii Gatii bakkaa ykn hafarsituu gatii bakkaa walirra oole fayyadamuun Lakkofsota 1000+100+20+2 = 1122 fi kkf agarsiisuuf hojjedhu.
F. Abakaasii irratti lakkofsota hojjechuun yaadannoo ykn baardii natti agarsiisii irratti barreessi.
G. Ida'uu "baadhachuun" hir'isuu "jijjiiraan" fayyadamuun agarsiisuu dandeenya.
H. Geemii taphadhu – barsiisaan ykn daa'imni (gargaarsa barsiisaan) kaardii abakasii filachuu (hin agarsiisin). Barattoonni hafan gaaffii gaafachuun lakkofsicha tilmaamu(deebii eeyyee/lakki). Fkn. Tokkeen 5 ni jiraa? (eeyyee) kurnan baay'een tokkee irra ni jiraa(lakki- kanaafuu lakkofsootni 1,2,3 ykn 4 kurnan keessa ta'uu qabu) deebii irraa maal akka beekan haa ibsanii. Lakkofsa abakasii irratti gareen haa hojjetanii.

I. Abakasiinis akka ulee laakkoftuu salphaa $p_1$ tti / barattoota suuteeyyii hanga 10 lakka'uuf fayyaduu danda'a.

</td>
<td>









Daa'imman akka meeshaalee seeraan kuusanii fi iddoo isaatti deebisan leenjisi.


Yoo haada abakaasii tokko irratti 10 bira geenye fi haada itti aanu 10'f waljijjiiri agarsiisi. .

Geemii kana keessatti barsiisaan deebii gaaffilee himuun hubachuu isaanii mirrkaneeffachuuf haa gargaaruu

Yeroo abakaasii lakka'uuf fayyadamtu tartiiba Th H T U balleessi.

</td>
</tr>
</table>


| | | | |
|---|---|---|---|
| **10. Gatii bakkaa dabalataa meeshaalee qabatamoo fayyadamuun** kumoota, dhibboota, kurnoota, fi tokkee bilookii,iskuweerii, haadaa fi iskuweerii xiqqaa<br><br> <br> <br>kurnan dhibba fi tokkee leemman fayyadamuun<br> | Gatii bakkaa barsiisuuf karaalee adda addaa fayyadamuun hubannaa daa'immanii lakkofsa irratti qaban walitti qabuuf barbaachisaa dha. Kanaafuu, yaadota walfakkaatu ibsuuf meeshaalee adda addaa fayyadamuun gaarii dha.<br>**Ta'umsa gatii bakkaa boordii kaardii – kiyuubota, haadota, fi iskuweerota.**<br>Kunniin hundi boordii kaardii irraa tolfamu. Tokkeen iskuweerii 1cm ( kiyuubii hojjechuu yeroo dheeraa fudhata)<br>Sarara Iskuweerii boordii kaardii irratti osoo hin muriniin dura ijaaruun salphaa ta'a. (ykn kiyuubii hojjechuuf dachaasuu)<br>Kunniin muka 2D irra 3D irraa tolfamuu danda'a. innis 1cm X 1cm X1cm<br>Haadni kurnan 10cm X 1cm<br><br>Dhibbe iskuweerii 10cm x 10cm<br><br>Kiyuubii kuma 10cmX10cmX10cm ykn meeshaalee diriiraa kurnan 10X10 iskuweerii irraa tolfame<br><br>Qalama maarkeraa fi sarartuu fayyadamii 1cm iskuweerii hunda agarsiisi<br>**Taa'umsa gatii bakkaa (dhibban, kurnan, tokkee)**<br>**Leemman irraa**<br>1 x H<br>1 x T<br>1 x U<br>(yuunit1 = tokko)<br> | A. Lakkofsoota meeshaalee fayyadamuu hojjedhu.<br><br><br><br><br><br><br>B. Ida'uu agarsiisuuf Baadhachuu fi jijjiirraan fayyadami<br>C. kudhan 1 = tokkee 10<br><br>  <br>D. 29 lakkofichatti dabali. Tokkee 11 qabda. Kanafuu,tokkeen kudhan, kurnan tokko waliin waljijjiiruu danda'u.<br>E. hir'isuu jijjiirraan agarsiisi<br><br><br><br>F. Kaardii dijiitii olqabi ykn boordii kaardii irratti lakkofsota barreessi. Gareewwan meeshaalee gatii bakkaa fayyadamuun lakkofsoota haa tolchanii. | yoo kiyuubonni 1000 tolchuuf yeroo fudhatu ta'e, 1000 llee sarara iskuweerii (grid) tiin agarsiisuu ni danda'ama.<br><br>.<br>Makoo meeshaalee barannoo tokko keessatt fayyadamuu ni danda'ama (fkn. Ulee Leemmanii, abakasii, fi meeshaalee boordii kaardii)<br><br>Daa'imman meeshaalee akka tiksa(eegan) fi kuusaa isaanii keessatti seeraan akka deebisan jajjabeessi. Muraawwan xixiqqaa baay'eetu jira..<br>Odeeffannoo – yoo danda'ame |

| | | | |
|---|---|---|---|
|  | Ulee leemmanii irraa 10cm muri. Muraa maxxansituu ol garagalchii ciipsii. Gubbaa fi jala jijjiirii sana booda minjaalatti maxxana. Ulee 10cm maxxansituu irra dabarsi. Kanaafuu, iddoo qabatu.<br><br>sarara 1cm safari ulee mirgatti garagalchi ijaari. Maarkeraa fi halluu cm biroo hundaaf fayyadamii..<br><br>Isaan kun ulee kurnaniiti. <br>Tokkeef dheerina 1cm muri. <br>Guduunfi ykn garee maraa ulee 10 dhibba gochuuf  | G. Daa'imman carraalee meeshaalee gatii bakkaa adda addaa tuttuquu heddu qabachuu qabu. Ulee 10 tolchuu isaanii ilaalii Iskuweerota 10 sarari.<br>H. Muraa ulee 1cm kudhan karaa cinaa ulee kudhanii dabarsii uleen kurnan walfakkaataa ta'uu ilaali..<br><br>I. Tokkee harka guutuu kenni(qoodi) fi daa'imman baay'ina tokkee akka tilmaaman gaafadhu. Laakka'iitii garee 10'n kaa'i. Kurnan hunda ulee kudhaniin waljijjiiri. Fakkiin waraqaa ykn gabateei natti agarsiisii irratti ijaarii lakkofsa walitti dhufoo barreessi.<br>J. Hir'isuuf lakkofsa hojjedhu (fkn 12 ulee kudhan fi tokkee lama fayyadami) akka daa'imman tokkee 4 irraa. Hojjechuu hin danda'an kanaafuu, akka isaan tokkee dabalataa ulee kudhan mummuruun tolchuu danda'an gaafadhu(kunis waljijjiiruun)<br><br>**K. Safara**<br><br>L. Ulee kurnan, ulee tokkee, dullaa kurnan, fi iskuweerii tokkee hundi seentimeetiraan. Kanaafuu, akka meeshaa safaruuti itti fayyadamuu dandeenya<br><br>M. Akkasumas hojii fakkiif jijjiirraa seentimeetiraa gara deesiimeetiraa fi meetiraa fayyadamuu danda'u. kunis hubannaa gatii bakkaa irratti hundaa'a.<br>N. Fakkeenya hojii piraaktikaalii(shaakallii) cimdiif ykn gareef.<br>O. Ulee kudhanii fi wantoota sadi xixiqqaa/irra guddaa 10cm.<br>P. Dalgee minjaalaa safaruuf Ulee kurnanii meeqa barbaadda? Isaannan kunniin seentiimeetiraan meeqa?<br>Q. Yaadannoo kee safruuf Dullaa kurnan fayyadami. Dheerinnaa fi dalgee safari.<br>R. Dheerina qalama(kobbee) keetii cm'n tilmaami. Meeshaalee fayyadamii safari | ulee lemmanii rakasa ta'e diriiraa fayyadami. Inni mi'aan ta'e, naanna'aa ta'e , deeskii daa'imman irra. Ykn ulee murii roga diriirisii albeen uruun .<br><br>Hojiin piraaktikaalaa(sha a-kallii ) gatii bakkaa hubachuuf baay'ee barbaachisaa dha. Hr'isuu jijjiirraan ida'uu ba'aan bakka buusuun fayyadamuu dandeenya.. |

<table>
<tr>
<td>

**Lakkofsoota Gatii bakkaa walirra oolchuu**

lakkofsota 1-9999 tolchuu










</td>
<td>

Lakkofsota gatii bakkaa walirra oolu dhaabbatu hojjechuuf waraqaa A4 walakkatti dachaasuun muri. Irra deebi’ii walakkatti dachaasi. Waraqaa fageenya walqixa qabu irratti 1000 barreessi(waraqaa hamma walqixaan kurmaanaan dachaasii qajeelcha hojjedhu). Irra deebi’ii lakkofsoota numbers 2000 – 9000 hojjedhu.

Kurnan gochuuf adeemsa kumootaaf (1000’f )irra deebi’ii garuu ammas waraqaa walakkatti dachaasi. Dhibboota(100) fi tokkee ammas waraqaa dachaasii muri. Kanaafuu, muraa tokko kurmaana sadi fi kan hafe kurmaana ta’a. xarafa kara mirgaa muraa hundaa maarkeraan sarari (mallatteffadhu).




Kun meeshaalee walfakkaataa dha. Garuu kaardonni hin dhaabbatan, akkuma beekamu kaardii qallaa irraa tolfamu.

Kaardota 9 , 16cm; seentimeetiraa 4’n (4cm) murii 1000 – 9000 irratti barreessi.

Kaardii dhibbootaa 12cm x 4cm

Kaardiin kurnootaa 8cm X4cm

Kaardiin tokkee 4cm x 4cm.

Xarafa mirgaan muri. Kanaafuu, Qajeelfamni kaardii akka sarartu ykn xarafa

</td>
<td>

S. Meeshaaleen kun daa’imman hammam akka lakkofsoota guddaa hubachuu danda’an gargaaruuf barbaachisoo dha.
1000 + 400 + 60 + 5 akka 1465 barreessina garuu kun baay’ee burjaajessaa dha. Daa’imman yeroo hunda zeeroo hunda/tokko tokko haa kaa’anii. Kaardoonni kun zeeroowwan agarsiisu. Daa’imman immoo yeroo lakkofsoota hojjetan eessa akka dhaqan(deeman) ilaaluu danda’u.

T. fakkeenyaaf

U. 4 gaafadhu. Daa’imman dhufanii 1000 + 400 + 60 + 5 lakkofsoota keessaa barbaaduuf olka’anii fuldura daree dhaabbatu . lakkofsa 1000 fudhuu of eeggannoon 400 haguugi kara xarafa mirgaa mallatteeffadhu.lakkofsota biroof irra deebi’i. lakkofsicha olbaasuun bakka zeeroon jiru agarsiisi. Lakkofsootni akkamitti akka hojjetaman fi zeeroowwan akkamitti akka haguuggaman agarsiisuuf Kaardota kana walirraa oolchi (kunis dogongora 1004 fi 104 barreessuu irratti jiruuf gargaara)




V. Lakkofsoota keessaa tokko yoo irraanfatte zeeroon mul’ataa ta’ee turuu agarsiisuuf gargaara. Fkn. Yoo dhibboottan yoo hin jiran ta’e, 1065 – zeeroon laakkofsa kaardii 1000 irratti barraa’a.

W. Meeshaalee birootiif fayyadami (kunis abakaasii, gabateei natti agarsiisii, lakkofsoota hojjechuuf)

X. Kaardota kanniin meeshaalee gatii bakkaa kara cinaachaan fayyadamii. Yoo daa’imman lakkofsicha meeshaalee qabatamaan hojjetan ta’e, kaardii gatii bakkaa walirra oolchuunis lakkofsicha hojjechuu ni danda’u.

Y. Haaluma walfakkaatuun kaardii gatii bakkaa walirra oolchuu armaan oliitti ibsamee fayyadami.

Z. Lakkofsa kamuu 1 – 9999 hojjechuuf fayyadami.

</td>
<td>

Lakkofsootni walirraa faffagaatanii barraa’uu mirkaneeffachuun baay’ee barbaachisaa dha. (kurmaana isaaniitiin) ykn muraawwan yoo walirra oolan sirritti keessa baasuun rakkisaa ta’a.
Karaa salphaan ittiin mirkaneeffannu muraawwan waraqaa iddoo afuritti dachaasuun akka qajeelchatti fayyadamuunii dha..

Meeshaan kun ariifachiisaa fi hojjechuuf salphaa fi muraa waraqaa 13 qofa barbaada..


Daa’imman laakkofsoota kara mirgaan walirra oole beekuu isaanii mirkaneeffadhu. (xarafa keessa dabarsuu fi xarafarraa kutuu)

</td>
</tr>
</table>


| | | | |
|---|---|---|---|
| <br><br>**Hafarsituu gatii bakkaa**<br><br><br><br> | harka mirgaa akka maarkeraan mallattoo gootu akka kaardii dhaabbatutti jira.<br>Hafarsituun gatii bakkaa; kardii gatii bakkaa wilirra oole kan walqabate irraa hojjetame. Kanaafuu, kaardonni baduu hin danda'an akkasumas itti fayyadamuuf salphaa dha. Isa guddaa waraqaa mummurame kanneen akka chaartii filiippii gara duubaa irraa hojjedhu.<br>Sarara dalgee 5cmijaari.(fakkenya)<br><br>kaardii 9; 25cm<br>kaardii 9; 20cm<br>kaardii 9; 15cm<br>kaardii 9; 10cm<br>lakkofsoota kaardota irratti of eeggannoon barreessuu. Dijiitonni hundi keessoo iskuweerii 5cm ta'uu qabu. Karaa bitaa eegaluun iskuweerii duwwaa isa dhumaa karaa mirgaa irratti dhiisi.(guduunfaaf ) kaardota hunda karaa mirgaa jiran iddoo walfakkaataa irratti qaawa godhi. Jirbii qaawwan keessa baasii lakkofsootni tartiiba sirriin ta'uu mirkaneessi. Guduunfaa jabeessii guduunfii guggubi (baksii) misimaaraa mataa furdaa amansiisaa hojjedhu.<br><br>Barattootaaf haarummaa xiqqaa qaba kaardii xiqqaa irraa hojjetatama. (fkn.sanduuqa boroqii)<br>Akkasuma dijiitii haaraa 2 ykn 3 kaardii tokkee, kurnee ykn tokkee , kurnee, | AA. Lakkofsoota kennaman gareen hojjedhu.<br>AB. Daa'imman lakkofsa akka hojjetan gaafadhuu hafarsituu gatii bakkaa fayyadamuun agarsiisi.<br><br>AC. Daa'imman biroo garee keessatti meeshaalee gatii bakkaa fayyadamuun boordii kaardii natti agarsiisii ykn kaardii gatii bakkaa walirra oole irraatti lakkofsa san hojjetu ykn foormii abakasii keessatti ijaaru.<br>AD. Gaaffilee gareewwan keessatti deebisuuf fayyadami (deebiilee olqabi – haaluma walfakkaatuun akkuma hafarsituu)<br><br> | Hafarsituun gatii bakkaa meeshaa baay'ee gaarii lakkofsoota 1-9999 hunda bakka tokkotti fi walitti guduunfama.<br>Kanaafuu, dijiitii kamuu darbuu hin qabdu.<br>Hojjachuufis ta'e fayyadamuuf salphaa dha. |


| | | | |
|---|---|---|---|
| | dhibbee fayyadamuun akka barbaadametti hojjedhu. | | |
| **11. boordii(gabatee) firaakshinii fi firaakshinii**     **geengawaa**<br><br>**Tiraazoo Firaakshinii (kan hin muramne)**<br><br> | Boordii(gabatee) kaardii sanduuqa fayyadami. Reektaangilii seeraan safaruun sarara iskuriitiin(grid) akka armaan gaditti agarsiifametti hiri. Hirama filatame halluu dibi. Tiraazota boordii(gabatee) kaardii mummura jiigsoo gochuuf mummuri.<br><br>Boordii(gabatee) firaakshinii geengawoof naannoo geengoo ijaari. (fkn saanaa xiqqaa ykn xaasaa ). Muraawwan ]ii fi boordii(gabatee) kaardii xiqqaa keessa guutuufi Boordii(gabatee) hundee kan muraawwan kuusuuf gargaaru ijaari.<br><br><br><br>Haaluma walfakkaatuun boordii(gabatee) firaakshiniitiifis hojjedhu garuu muraawwan hin murin. | A. Muraawwan rektaangilii hundaan walitti firoomsi/geengoo boordota hundee irratti ijaarame.<br>B. Muraawwan kennuun daa'imman firaakshinii akkamii akka qaban akka hojjetan gaafadhu. Ka'ii firoomsi.<br>C. Waldorgomsiisuuf Tiraazoo firaakshinii fayyadami. Walakkaa meeqatu 1 ta'a, saddeeti meeqatu walakkaan walqixa fi kkf.<br>D. Firaakshinoota adda addaa ijaaruu fi dibuuf boordii(gabatee) natti agarsiisii fayyadami.<br>E. Jireenya guyyuu waliin walqabsiisi – qooduu yaaduu fkn biskuutii.<br>F. Firaakshinoota salphaa walmadaalan waldorgomsiisi– fkn kurmaana meeqatu walakkaa waliin walqixa.<br>G. Kamtu guddaa yaaduu- daa'imman saddeetii fi kurmaana buskuutaa keessaa kam akka filatan gaafadhu. Biskuutii ykn boordii(gabatee) kaardii geengoo fayyadamuun agarsiisi.<br>H. Firaakshinii barraa'e irratti bocoota lakkofsootaan walqabsiis. Lakkofsi jalaa (waamsisaan) muroota waliigalaa kan bocni hundi irraa. lakkofsi gubbaa (waamamaan) immoo muroota kanneen meeqa akka qabdu agarsiisa.<br>I. Tiraazoo firaakshinii (osoo hin muramni)<br>J. Tiraazoo firaakshinii gareef kennuun akka isaan ibsanii fi firaakshinii kam akka qabanii fi akkam akka beekan gaafadhu<br>K. Tiraazoo boordii(gabatee) waliin walitti firoomsi.<br>L. Tuuta biraa hojjedhuu muruun tiraazoo firaakshinii irratti sararuun meeqa akka hunda uume agarsiisuu. | Daa'imman muraawwan kuusatti deebisuu mirkaneeffadhu..<br><br> |

| | | | |
|---|---|---|---|
| **Tubboo firaakshiinii naanna'u** | Tubboon firaakishinii salphaa fi namtti tola. Tubboo mana fincaanii irraa hojjechuun walqabsiisi. Tubboo keessaa muruun walqabsiisi kanaafuu, diyaameetiriin xiqqaa fi tubboo alaa keessa hulluuqa. Firaakshinoota ijaarii deebii irraa filadhu. Foddaalee tubboo kara alaa murii naanneessi, kanaafuu foddaalee deebii sirrii agarsiisu.   | M. Tubboolee firaakshinii<br>N. Daa'imman tubbooleen taphachuuf gareen hojjechuu. Tubboo alaa deebisuun boca firaakshinii halluu qabu agarsiisi. Daa'ima biraa kan tubboo biraa naannesseef kennuun hanga lakkofsa sirrii bocaan walsimatu barbaadaniif. Irra deebi'I dalagi.  | |
| **12. 1-10 hafarsituu lakkofsaa**<br>Kara tokkoo Dijiitota, kara biraatiin dootota   | Bocoota hafarsituu kaardii, kaartoona aannanii/juusii irraa muri.<br><br>Muraa tokkoon tokkoon gara jalaa irratti qaawa tolchuun qaawa keessa jibriin hidhi.<br><br>Maarkera fayyadamuun lakkofsoota hafarsituu gubbarratti sirreessii barreessi.<br><br>Karaa biroo immoo haada harkisuun dootota lakkofsaan walitti dhufan kara biraatiin ijaari. | A. Hojii dhuunfaa ykn cimdii – dootota karaa tokkoon laakkawii deebsuun dijiitii karaa biraan jiraachuu mirkaneessi.<br>B. Daa'imman lakkofsoota waliin wal'aansoo walqabaniif akka wabitti itti gargaaram. Yeroo lakkofsoota barreessinu hafarsituu irra deebiin mirkaneeffachuu danda'u.<br>C. Barsiisonni gaaffii haa gaafatan, daa'imman deebii haa ol qabanii.<br>D. Lakkofsa kudhaniin(10) walitti hidhamu fayyadami. Barsiisaan lakkofsa haa jedhu, daa'imman lakkofsa isaan walitti cimdaa'uu 10 uumu ol haa qaban. Ykn akka taphaatti cimdiin haa taphatanii. | |

| | | | |
|---|---|---|---|
| **Hafarsituu lakkofsaa**<br><br>**1 – 9999** | Haaluma walfakkaatuun lakkofsa hafarsituu biraatiif hojjedhu garuu tuutota lakkofsoota afurii halluu markeerii adda addaa fayyadamuun barraa'an walitti hidhi. Kanaafuu, dijiiticha fayyadamaa jiru barbaaduun salphaa dha. <br>Misimaara tolchuuf Guduunfaa guduunfuun baksii.<br>Hafarsituu lakkofsa dijiitii 4 tolchuuf (kunis 1-9999) tuuta tokko 1-9 keessaa sana booda tuuta sadi lakkofsota 0-9 keessaa fayyadami.<br>Hafarsituu Lakkofsa dijiitii 3 tolchuuf tuuta tokko lakkofsota 1-9 fi tuuta lama lakkofsota 0-9 keessaa fayyadami.<br>Hafarsituu Lakkofsa dijiitii 2 tolchuuf tuuta tokko lakkofsota 1-9 fi tuuta tokko lakkofsota 0-9 keessaa fayyadami. | A. Akkuma "boordii(gabatee) natti agarsiisi" barsiisaan gaaffilee haa waamuu fi barataan (erga yeroon yaaduu kennameef) deebii hafarsituu fayyadamuun ol haa qaban erga barsiisaan mallattoo kennee booda (fkn 1,2,3 'natti agarsiisi')<br>B. Fakkeenya gaaffilee – " lakkofsa tolchi….", " maali … ida'uu ….?" "Rogoota meeqatu rektaangilii 4 irra jira?", "walakkaan ….?" " yoo lakkofsi 10 irra guddaa 100 ta'e, lakkofsa tolchi"<br>C. Dijiitota lakkofsota 1,2,3 ykn 4 tolchuun. Deebii agarsiisuuf ol qabi.<br>D. Hojii lakkofsa kamiifiiyyuu fayyadamuu danda'u.<br>E. Iyyaaffanaaf fayyadamuun ni danda'ama (fkn gilgaala yaadannoo irratti barraa'e, booda barsiisaan deebii hafrsituun hojjetamu gaafachuu danda'a) | |
| **13. Bocoota**<br><br>**Daayoota bocaa** | Tolchuuf baay'ee salphaa – geengoolee, iskuweerota, rektaangilootaa fi rod-sadee akaakuu adda addaa boordii(gabatee) kaardii irraa muri. Hamma isaanii adda godhi.<br><br>Bocootni dheeraan agarsiisaa barsiisaatii fi gochaalee daree hundaa tiif fayyadamuu dandeenya. Tuutota xiqqaa hojii gareetiif fayyadamuu dandeenya<br>**Daayii Bocaa**<br>(akkamitti akka hojjetamu qaamaa daayii ilaali) | A. Maqaa fi amaloota bocootaa barsiisuuf akka Kaardii libsuutti fayyadami<br>B. Tokkoon tokkoon daa;imaatiif boca tokko kenni. Isaannan boca walfakkaataa qaban garee keessa dhaabuuf gaafadhu/ ka'i /boca olqabi.<br>C. Bocni xiqqaan tartiibessuufi naannessanii ijaaruuf muramuu danda'a.<br>D. Tuqaa kaardii libsuutiif taphadhu. Naannoo dareetti bocoota adda addaa agarsiisuun daa'imman gaafadhu (mallattoo barsiisaa hordofuun fkn tuqaa 1,2,3 ) boca tuqaa gochuuf. Maqaa fi amaloota bocaa fayyadamuun gaaffii kee adda adda godhi. (fkn rogsadee irratti tuqaa kaa'i/ boca roga sadi qabuuf tuqaa godhi. boca roga afurii qabuuf tuqaa godhi. Gaaffileen deebii tokkoo ol qaban daa'immakka yaadan godhu)<br>E. 'Boordii(gabatee) natti agarsiisii. Daa'imman bocoota haa olqabanii.<br>F. Bocoota filataman boorsaa keessa naqi. Daa'imman boorsaa keessa harka naquun boca kam akka ta'e adda haa baasanii (osoo hin ilaalin) – bocicha kanneen birootiif ibsuun maal akka ta'e haa tilmaamanii. | |

| | | | |
|---|---|---|---|
| <br><br>**Boordii(gabatee) bocaa.**<br><br> | **Boordii(gabatee) bocaa**<br><br>Waraqaa fayyadami (fkn. Kara alaa waraa mana fincaanii dachaasuun salphamatti walitti hidhi)<br>Waraqicha jabaatee hidhame hidhuun boordii(gabatee) kaardii hundee irratti giluu fayyadamuun walitti maxxansuun boca tolchi. Kaardii libsuu maqaa bocootaa fi amaloota waraqaa irratti ykn kaardii irratti barraa'an. Bocootni kunniin barattoota rakkoo arguu qabaniif garii dha / tuttuquun kan barataniif . Saffisoo markeraan bocicha haa ijaraniii.<br><br><br> | G. Waa'ee boca kanaa yaadutti jira kan jedhu taphadhu. barsiisaa /daa'imni waa'eee bocichaa haa yaaduu kan biraa immo amaloota bocichaa haa tilmaamuu.<br>H. Jibrii, sarartuu / jibrii muuzaa fayyadamuun roga, naannawa, raadiyasii bocichaa safari.<br>I. Bocoota adda addaa gareef kennii akaakuu adda addaan haa tartiibessani. Karaa adda addaatiin tartiibessuu danda'uu? (fkn hunda roga qajeelaa, hundi kornerii afurii fi kkf)<br>J. Rogsadee tokko kan biroo irraa adda baasuun akkaata itti adda baasan haa ibsanii. Rodasee adda addaa barsiisi.<br>K. Rogsadee baasii kenni – fkn rogsadee ayisoosilasii, ikkulaateraalii fi iskeelanii akka adda baasan ykn tartiibessan gaafadhu.<br>L. Boordota bocaa – daa'imman maqaa amaloota bocootaa waliin walitti haa firoomsanii. Gariin amaloota walfakkaataa qabu (fkn iskuweerii fi rektaangilii lameenuu roga 4 qabu). Kaardii libsuu 3 ykn 4 tokkoon tokkoon bocaaf hojjedhu. Kanaafuu, bocni tokko irra caalaa dhuma kamtu akka gara biraa deemu murteessuu qabu<br>M. Boordii(gabatee) bocaa baay'ee qaqqabamuu danda'a. sababni qarqarri bocichaa olka'aa waan ta'eef. Worra rakkoo ijaa qabaniif gaarii dha. Daa'imman fedhii ijaaruu qabaniif hundaafi osoo hin ilaalin tilmaamaniif fayyadamuu dandeenya. | |
| **14. Ulfaatinaa fi qabee safaruu** | Qabeewwan hamma adda addaa qabu walittu qabi.<br>Tokko tokko hammaa haa tartiibessuu dandeenya( ml yk letiriin) . tuutaan boorsaa waraqaakeessa kaa'aa – qulqullinaan tartiibessi. Kanaafuu salphamatti gareef kennuu ni danda'ama. | **Gochaalee qabee:**<br>A. Qabeewwan xiqqaa gara guddaa/ guddaa gara xiqqaatti hamma bishaan isaan qabachuu danda'aniin tartiibessuu.<br>B. Isaan guddaa kkeessa naqi/ liitirii irra xiqqaa / 500ml kkf.<br>C. Qabee qabeewwan adda addaa safaruuf bishaanii fi qaruura hamma beekamu qabu fayyadami (fkn qabee 500ml fi100ml fayyadamuun bishaan meeqatu qaruura hin tartiibeffame 800ml guutuu akka danda'u barbaaduu)<br>D. Qaruura Liitira 1.5fi litira 1 fayyadamuun sarara litira qaruura litira 1.5 irratti godhi booda qabeewwan kamitu baay'ee | |

| | | | |
|---|---|---|---|
| <br><br> | yoo qabeewwan bishaaniin guuttaman akka meeshaalee ulfaatinatti fayyaduu danda'u akka lititra 1 = 1 kilogram<br> | /xiqqaa litra 1 qabachuu akka danda'u safaruuf fayyaduu danda'a.<br>**E.** 1ml hangam akka xiqqaa ta'e, agarsiisuuf Qabeewwan xaasawo fayyadami. Kiyuubii 1cmx1cmx1cm kan gubbaa irraa hafeen tochi. Kanaafuu bishaaniin guuti. 1ml agarsiisuuf harka kee irratti Duwwaa godhi. Wanta xiqqaa guutuuf Kiyuubii 1ml fayyadami(fkn maankaa). Sanbaleexa fayyadamuun bishaan burcuqqoo keessa lixxisiisi. Bishaan geejjibsiisuuf ( yaaasuuf) Quba kee dhuma keessaa naqi. 1ml agarsiisuuf Sanballeexaa irratti sarara gudhi( sanbaleexichi hamma isaa irratti hundaa'uun 1.5cm ta'uu danda'a) daa'imman ml safaruuf sanbaleexaan shaakaluu danda'u<br>**F. Gochaalee ulfaatinaa:**<br>G. Qaruuraawwan bishaaniin guuti (harka akka skeeliitti fayyadamuun) (ykn safara hangaa yoo jiraate fayyadami)<br>H. Dhagaa fayyadamuun, qabeewwan cdhoqqeen guuti/dhagaa fi kkf. Akka fayyadamanii tartiibessan godhi, gudda/xiqqaa1kg fi kkf itti naqi. | |
| **15. dheerina haadaa fi safara ulee fayyadamuun safaruu**<br> | safartuu ulee dheerinna leemman 1m irraa tolchii 10cm niin qoqqoodi. Qoqqoodamni maarkeraan halluu dibii, maxxansituun haguugi ykn quunceen quuncca'e akka sirritti mul'atu taasisa.<br><br>safartuun Manxxansituu(haada) waraqaa irraa hojjechuun ni danda'ama ( haguuggiin filiip- chaartii jabaataa dha waan ta'eef irraa hojjechuu dandeenya) booraasn | A. Meetiraa ulee fayyadamuun wantootni hangam akka dheeratan/gabaabbatan 1m barbaaduu<br>B. Ulee fayyadamuun dheerina wantootaa ykn minjaalaa, hojjaa daa'immanii fi kkf safri.<br><br>C. Wantoota haada maxxansituu adda addaa safaruu – daa'imman haada maxxansituu gaarii hojiif haa filatan, hanga 1- 10cm, 1-20cm fi 1-100cm.<br>D. Qarqaroota bocootaa safaruuf gargaara. | Maxxansituun haadaa akka tiraakii lakkofsaa fayyadamuun akka meeshaalee deeggarsaa lakkawwii ida'uu (irratti lakka'uu) ykn hir'isuu( duubatti laakka'uu) fayyadamuu dandeenya. |

| | | | |
|---|---|---|---|
| <br><br> | aannanii fi kaartoonni aannaniille irraa tolchuuf gaarii dha. Maxxansituun waraqaa waraa transpaareentiin sansamuu(ashagamuu) qaba.<br><br>Roga 1cm dalgee waraqaa/boorsaa aananii kkf irratti ijaari. Rogoota biroo hunda halluu dibi. Dalgee barbaadameen sarara maxxansituu irratti ijaari (fkn dalgee sarartuu). Muraawwan muruun manaxxassituun qabsiisi. Lakkofsoota maarkeraan barreessi. Dheerina adda addaa tolchi. | E. Ulee Meetiraa fi dm  ( gatii bakkaa tuutaa irraa) dheerina tilmaamuu fi safaruuf  nu gargaara.<br>F. Kaardii natti agarsiisii irratti dheerina kennameen sarara ijaari.<br>G. Naannawa harka keetitti boordii(gabatee) natti agarsiisii irratti ijaarii haada maxxansituu ykn ulee deesiimeetiraa(dm) fayyadamuun safari.<br>H. Daa'imman yeroo hundaa osoo hin safari akka tilmaaman jajjabeessi.<br> | Uleen meetiraa akka ulee lakkawiitti fayyadamuu dandeenya. |
| **16.poostera Qalqalloo ruuzaa fi chaartii.**<br> | Poosterootaa fi chaartootni baruu-barsiisuu meeshaalee deeggarsaa cimoo dha. Akkasumas daree keessatti agarsiisa dhaabbataa   akka wabiitti gargaaramuuf gaarii dha.<br>yeroo kooppii goonu yeroo hundaa seeraan safari sarara qajeelfamaa irsasiin ijaarii barreeffamni sirrii fi qubeewwan hamma walqixa qabaachuu mirkaneessi.<br> | A. Poostera agarsiisuun daa'imman gaaffii gaafadhu.<br>B. Yoo gaaffileen poostera irratti barraa'an ta'e, daa'imman cimdiin/gareen deebisuu danda'u.<br>C. hojii gareef akka meeshaaletti fayyadam(fkn. Gareen tokko poostera  gatii bakkaa irratti yoo hojjetu gareen biroo immoo meeshaalee gatii bakkaa fayyadamuun haa naannessuu.<br>D. Fkn. Chaartii piktoogiraamii. Daa'imman gaaffilee deebisanuun chaartii akka fakkeenyatti fayyadamuun qorannoo mataa isaanii hojjechuun pictooriyaalii ykn qadaada qaruuraa sarara iskuweerii karaa duwwaa fayyadamuu ykn gatee natti agarsiisii irratti tochuu danda'u.<br> | |

| | | | |
|---|---|---|---|
| **17. Sa'aatii – dijiitala fi sa'atii anaalogii**<br><br> <br><br><br><br><br> | Boordii(gabatee) kaardii furdaa geengoo tolchuuf fayyadami. Naannoo saanatti ijaari ykn muraa jibrii irsaasii hidhamaa waliin kara dhubaatti fayyadami. Jibrii handhuura boordii(gabatee) kaardii irratti qabii jibrii harkisii hidhi. Handhuura jabeessii qabii, jibrii akkuma hiitetti irsaasiiti hidhuun naannessii geengoo ijaari. Hanga kaardiin danda'u geengoo guddisii ijaari.<br>lakkofsota 1 – 12 markeraan sirritti barressi. 12,3,6,9 kurmaanarratti hojjedhu. Sana booda lakkofsota biraa giddutti iddoo hanbisi.<br>Saa'aatiif harka lama tolchi –harka daqiiqaa dheeraa fi harka sa'aatii gabaabaa. Haalluu dibi . kanaafuu, yoo sa'aatii waliin walfakkata qabaatan sirritti mul'atu<br>Handhuura geengoo keessatti fi Harka jalaatti misimaaraan qaawa tolchi. Jibrii keessa hidhuun jabeessii guduunfi. Guduunfaa Karaa lamaan baksuun misimaarakara mataa furdaa tolchi.<br>Sa'aatiin xiqqaa sochii barataan haa tolfamuu. Inni dheeraan barsiisaaf ykn gocha daree hundaaf haa ta'u<br><br>Saa'aatiin dijiitaalli waan salphaa boordii(gabatee) kaardii muruun waraqaa sa'aatii irratti baarraa'e keessa jibrii dheeraa naquun hojjedhu ( haguugiin filiippi chaartii jabaataa fi itti fayyadamuuf waraqaa gaarii dha) ykn kaardii libsuu kan kiisii pilaastikii keessa taa'uu fi mummuramee boordii(gabatee) kaardii waliin walitti qabamuun haada maxxansituu daddabarsoo fayyadamuun tolchi. | Gochaalee sa'aatiif, kadii libsuu fi daayii<br><br>A. Sa'aatii dijiiitaaalaa ukn anaalogii akka kaardii libsutti fayyadam – sa'aatii jijjiiruun barattoota akka sa'aatii jedhan gaffadhu.<br>B. Daa'immaniif sa'aatii kennuun akka sa'aatii kenname agarsiisan gaafadhu.<br>C. Sa'aatii anaalogii irratti yeroo agarsiisuun daa'imman cimdiin ykn gareen boordii(gabatee) natti agarsiisii irratti akka yeroo barreessan gaafadhu ( jechaan ykn akka sa'aatii dijiitaalaatti)<br>D. Irra deebi'i garuu yeroon kun sa'aatii dijiitaalii fayyadamuun daa'imman sa'aatii anaalogii haa ijaaranii.<br>E. Gareewwaniif sa'aatii xiqqaa kennuun yeroo kenname tolchuu. Yeroo adda addaa tolchuuf Ofii isaanii walgaafachuu ykn yaada gilgaalota kitaabaa keessa jiranii fayyadamuu danda'u.<br>F. Gareewwan yeroo adda addaa sa'aatii irratti tolchuu. Bakka bu'oonni garee hundaa keessaa fulduratti bahuun yeroo tartiibaan haa kaa'u.<br>G. Tuqaa kaardii libsuu taphadhu'. Kaardii libsuu dheeraa yeroo adda adda agarsiisu naannoo daree kaa'i( sa'aatii anaalogii ykn dijiitaalii) daa'imman deebii akka tuqan gaafadhu.<br>H. Kaardii libsuu dheeraa ol qabi ( dijiitaaliin ykn jechoota irratti barreessuun) saa'aatii xiqqaa isaanii irratti/ kaardii libsuu xiqqaa irratti daa'imman akka yeroo tolchan gaafadhu.<br>I. .hojii daree – gocha yeroo fi kiyuubota firoomsuu.daayota gangalchuun kaardii libsuufuula sa'aatii kiyuubii irraan walitti. Akkasumas yeroo jechaan barraa'een firoomsi. Yoo hojii gareetiif hin ga'u ta'e, meeshaalee gidduu garee sadiitti hirii yoo xumuran waljijjiiri<br>J. Gochaalee daree hundaa – kiyuubii ykn kaardii libsuu daa'imman cimdiif kenni. Daa'imman kiyuubii qaban fulduratbahanii hiriiraan haa dhaabbatanii. Barataan tokko sa'atii kaardii libsuu isdaanii irraa yoo dubbisuu daa'imman kiyuubota qabatan fuula sa'aatii isa sirrii haa barbaadanii. Taphicha wajijjiiruun haa taphatan. | |

| | | | |
|---|---|---|---|
| <br><br><br> | Sa’aatiin dheeraan burcuqqoo pilaastikaa bishaan fi kaardii libsuu lakkofsota 1 – 12 fayyadamuun tolfuu danda’a. Daqiiqaa harka tokko irratti barreessi . isa biraa irratti sa’aatii barreessi – ykn afaan naannoo . daa’imman harkicha sochoosuun sa’aatii adda addaa tolchuu danda’u.<br><br>Daayiin sa’aatii fuulota kiyuubotaa irratti ijaaruun tolfamuu danda’a. sa’aatii anaalogii fi barreeffama irratti tolchuu dandeenya. Hafarsituun yeroo akkuma hafarsituu gatii bakkaatti tolfamuu damnda’a. sa’aatiin dijiitaalii geengawoon qadaada qaruuraa fi leemman fayyadamuun tolchuu dandeenya. | K. Tapha taphachuu. Daayota tkko agree hundaaf kenni. Namni tokko garee hunda keessaa daayota haa gangalchuu. Kan hafan immoo yeroo jedhu ykn boordii(gabatee) natti agarsiisii irratti barreessu.<br><br>L. Harka tolchuuf Sa’aatiin dheeraan burcuqqoo bishaanii fayyadamuun walitti hidhuun hojii tiimii, garee daa’imman sa’aatii tolchuuf yaalaniifi sa’aatii adda addaa worra tolchanif rakkisaa ta’uu danda’a.<br>M. lafarratti hojjechuu danda’u. ykn daree agarsiisuuf tolchuu.<br> <br>N. garaagarummaa dheerinnaa jecha ‘iminota’ (minute) fi isaha (hour) gidduu jiru agarsiisuun yadaachuu daa’immanii gargaari– jecha dheeraa– harka dheeraa. Jecha gabaabaa – harka gabaabaa.<br><br> | |


| | | | |
|---|---|---|---|
| **18. Qarshii jireenya guyyuu keessatti fayyadamuu**<br> | Boordii(gabatee) kaardii fayyadamuun Nyaatota addaa addaa tolchi.<br><br>Ijaaruun dibii muri. Gatiiwwan duuba irratti ykn chaartii madaabaraa ruuzaa addaa tolchi . qarshiin waraqaa ciccitaa fi qadaada qaruuraa irraa tolfamuu danda'a. qadaada qaruuraa halluu addaa fayyadamuun saantima adda addaa bakka buusi. | A. Gatii nyaatota fi dhugaatii adda addaa irratti marii gaggeessii gatii isaanii chaartii irra kaa'i ykn gabatee boroonqii irratti barreessi.<br>B. Daa'imman gareen hojjetan waan tokko bituuf haa filatanii. Tokko akka gurguraatti gahee taphatuun bituuf qarshii haa fayyadaman.<br>C. Probleemota adda addaa irratti hojii garee – fkn gatiin mi'aawoon sadii/ rakasaa. Sadan kamuu filachuun garaagarummaa hojjedhu. Jijjiirama argatte boordii(gabatee) natti agarsiisi irratti ijaari.<br>D. Waan kamiiyyuu yoo bittu Gatii waliigalaa hojjedhuu .<br>E. Pirobleemota jechootaa kanneen akka "qirshii 1500 yoo qabaatte maal bitta? Jijjiiramni kee maal ta'uu danda'a? " fi kkf<br>F. " ani wantoota walfakkatoo 2 bite gatin isaanii qarshii 1000" – maalan bita? | Carraa gaarii pirobleemoota adda adda gochuuf dandeettii daa'immanii adda ta'e, daree keessatti sirreessuuf |
| **19. tapha Gabatee Baay'isuu**<br>  | Sarara iskuweerii waraqaa, kaardii ykn boorsaa aannanii irratti ijaari. Gaffilee baay'isuu tokkoon tokkoon iskuweerii irratti barreessi . deebii qdaada qaruuraa, kaardii muramaa xiqqaa, waraqaa ykn boorsaa aannanii kkf irratti barreessi. | A. Gochaalee gabatee baay'isuu. gareewwan hundi gabatee sarara iskuweerii adda addaa qabu waan ta'eef deebii ni firoomsu.. Isa adda ta'e xumuruuf waljijjiiri. Daa'imman yeroo hunda akka dafaniif (ariifataniif) itti muddi.<br> | |
| **20. iskuweerii dhibba**<br> | Giriidii(sarara iskuweerii) 10X 10 fi lakkofsota maarkeraan sirritti barreessi.<br>Waraqaa fayyadamuun, boordii(gabatee) kaardii ykn boorsaa aannanii, kaartoonii aannanii tolchi. Iskuweerota duwwaa 100 barbaachisaa dha (j 10X10 grid).<br>Iskuweerii dheeraa 100 madaabaraa ruuzaa irratti tolchi. | A. Qadaada qaruuraa lakkofsota 1 – 100 iskuweewrii irratti walitti firoomsi.<br>B. Lakkoftuu ykn qadaada qaruuraa lakkofsa kenname irra godhi. Kudhan lakka'ii irratti ida'i. Laakkoftuu ykn qadaada qaruuraa lammaffaa lakkofsa haarawa irra kaa'i. Lakkofsota haarawa eegaluuf irra deebi'i. Daa'imman akka lakkofsa kudhan ida'uun lakkoftuun dalgee 1'n gadi socho'uu (siqu) akka abuuran jajjabeessi, 1 dabaluuf gara mirgaatti iskuweerii tokko deemuu qabu. Kudhan hir'isuun dalgee tokko ol siqsa(dabala), 1 hir'isuun iskuweerii tokko gara bitaatti ta'a. daa'imman kana akka itti himuu irra abuuran gochuun barbaachisaa dha. Iskuweerii 100 ida'uufi hir'isuuf lakkawuu itti fufsiisuuf fi kudhaniin duubatti deebisuu.<br>C. Lakkofsota muraasa iskuweerii 100 irratti haguuguun daa'imman lakkofsota hafe haa hojjetan. | |

| | | |
|---|---|---|
|  |  | D. Qadaada qaruuraa ykn lakkoftoota baay'isuu irra gochuun paatarnii gabatee baay'isuu haa ilaalanii.<br>E. Tapha daayiin taphachuu (kan darbe ilaalii). Daayii ykn lakkofsa kiyuubotaa darbadhu. Lakkofsa iskuweerii dhibbaa irratti tolchuuf ida'i, hir'isi, baay'isi (yeroo tokko tokko hiri). Darbiinsa daayii si'a tokkoon eenyutu irra caalaa haguuguu danda'a? ). Darbiinsa daayii si'a tokkoon isa guddaa'xiqqaa eenyutu tolchuu danda'a? tiimiin lama iskkuweerii tokko lakkoftuu halluu adda addaa fayyadamuun eenyu akka irra caalaa haguuge taphatu<br>F. Iskuweerii 100 duwwaa godhi – iddoo duwwaa qaadaada qaruuraa lakkofsa qabuun guuti, hammam gahaa ariitiin akka hojjetan yeroo qabuu ykn eenyu akka dura fixe waldorgomsiisii.<br>G. Iskuweerii duwwaa irratti iskuweerii hojjechuuf tuqaa godhii daa'imman lakkofsi maal akka ta'e haa hojjetanii.<br>H. Cimdoolii lakkofsota iskuweerii hanga 100 ida'ame ykn lakkofsa xiyyeeffannaa biroo barbaadi.<br>I. Dorgomii hanga 100 daphadhu. Taphataan kamiiyyuu lakkoftuu qaba.daayii 2 darbii walitti ida'i. gara lokkofsa sanitti sochoosi(siksi) . darbiinsa itti aanutti (fkn 3 + 4) gara 7 birootti siksi. Hanga namni tokko 100 bira ga'uu taphicha ittuma fufi. Daayii dootiin ykn lakkofsa kiyuubotaan taphachuun ni danda'ama.Baay'isuu fayyadamuun bal'isi. ykn 100'n eegali, hir'isuu fayyadamii gara duubatti tokko bira gahuuf sochoosi. |
| **21. boordii(gabatee)**<br><br>**firoomsuu** | Buurdii kaardii muramaa irra tolchi. Karaa bitaa gaaffilee irratti barereessi. Karaa mirgaadeebii barreessi. Garuu akka hin sararre. fkn 20+21 karaa bitaa gubbarratti fi deebiin gadi siqee jalatti kara mirgaa boordii(gabatee) irratti barraa'a.<br>Gaaffiin qaawa gochuun jibrii keessa baasii guduunfi.<br>Deebitti aanee rogsadee xixiqqaa muri. Jibrichi dheeraa ta'uu fi deebii bira dhaqabuu mirkaneeffadhu. Mata duree Herrega kamiifiiyyuu ni fayyada. | A. Cimdiin/gareen hojjedhuu jibritti gargaaramii deebii gaaffiin walitti firoomsi. Meeshaaleen waan dhumaa deemaniif kun karaa salphaa firoomsii hojjachuuf fayyaduu dha. (akkasuma yeroo sararoota qalamaan sararru meeshaan yeroma tookko qofa fayyada) .<br>B. Kaardii Hunda adda adda godhi – fkn firaakshinii , boca, ida'uu, hir'isuu, baay'isuu, yeroo, fi hiruu<br>C. Mata duree irra deebi'uuf gargaara. Daa'imman kaardii adda addaa fayyadamuun waljiijjiiruu danda'u. (yeroo baay'ee kaardii walfakkaataa hojjechuun hin barbaachisu)<br>D. Adda baasuuf salphaa dha– baay'ee xaxaa kan ta'e hojjedhu.<br>E. Yoo daa'imman hojii xumuran ykn osoo barannoon hin eegalin Yeroo yaadaan guutuu. |

| | | | |
|---|---|---|---|
| **22. qaruura pilaastikaa**<br><br> | Waraqaa markeraan barraa’e keessatti tartiibessii burcuqqoo darbametti manxxassi.<br>Booraa waraqaa keessatti kuusi (boorsicha akka jabaatu gochuuf waraqaa gadi dadachaasi tartiibessi.<br>tartiibni dijiitota , firaakshinoota, bocoota, yeroo, guyyoota torbaanii, , ji’oota waggaa fi kkf , ta’uu danda’a.<br><br>qaruura akka irra deebi’amee fayyadu gochuuf kisii pilaasitikaan alatti gara alaa qaruuraan tolchi. Tartiibni kun kiisii keessa naquu fi akkaataa matadureen jijjiiramuu kan danda’u tolchi. | A. Akka kaardii libsutti fayyadami. Daa’imman daree fulduratti bahuun lakkofa tartiibaan kaa’uu, lakkofsa guddaa filatu, lakkofsa xiqqaa filatu, qaruura lama ida’amni 12 ta’u fi kkf filatuu danda’u.<br>B. Hojii gareef fayyadami –qaruurri dijiitii qabu akka kaardii libsuu ykn qadaada qaruuratti fayyaduu danda’a.<br>C. Ispiilii mukaan taphadhu”. Ispiilii mukaa hunda gareen walitti qabi. Daa’imman karaa gabaabaa irraa dhaabbatanii kubbaa ispiilitti haa darbatanii. Daa’imni biraa ispiiliicha ol haa kaasuu.<br>D. Kan rukutamee turee fi gareen irratti isaan haa ida’u, lakkofsota qaruura irratti haa jedhan. Ykn hundaaf qaruura tokko kenni (kan rukutame). Daa’imni qaruura olqabuun harka haa dhahanii ykn lakkofsa yeroo qaruura irraatti haa uttaalanii.<br>E. Gachaalee firoomsuu – qaruuraawwan boca fi jecha, firaakshinii, yeroo jechaan barraa’an, sa’aatii dijiitaalii ykn anaalogii qaban fi kkf.<br>F. Qaruura tokko daa’imman hundaaf kenni (dijiitii waliin) hiriira tartiibaan dhaabbachuu qabu. Ykn isaannan lakkofsa qaraa akka ka’anii qaruura isaanii qabatanii dhaabbatan gaafadhu. Gaaffilee adda godhi. Fkn. Irra guddaa 10, irra xiqqaa 16, gochaalee walfakkaatan qaruura tartiiba adda addaan hojjetuu danda’u. (fkn. yeroo – yeroo jedhi fi daa’imman sa’aatii dijiitaalii, sa’aatii anaalogii sa’aatii jecha ol ka’i/garee uumi.<br>G. Daa’imman hundi qaruuraan. Daa’imni tokko haa ka’u, barsiisaan haa gaafatuu “lakkofsa …. Argachuuf maal lakkofsa kana irratti dabaluu barbaanna” daa’imni qaruura sirrii qabate olkaasi. Daree Mirkaneessi. | |
| **23. lakkofsa tuttuqamu**<br>Lakkofsa olka’uu fi gadi kufu. Fakkii fi dhokataa<br><br> | Laakkofsakaardii libsuu irratti irsaasiin. Waraa micciiri (waraqaan micciirame, gangalcha mana fincaanii kanaaf yaada ) jibrii tolchuuf jabeessii hidhi.<br><br>Giluu(mastishii) iddoo irsaasiin fayyadamtetti godhi. | A. Daa’imman meeshaalee kanaan taphachuu fi ofii isaanii abuuruuf akka danda’an carraalee heddu kenniif.<br>B. gochaalee firoomsuu – fakkii fi aslii<br>C. qadaada qaruuraa kaaardii libsu laakka’i lakkofsa firoomsi.<br>D. Lakkofsa hidhama 10 abuur kaardota qadaada qaruuraa waliin (10 uumuuf maaltu hir’ate)<br> | Daa’imman suuteef, rakkoo argaa qaban, fi daa’imman tuttuquun barataniif Baay’ee kan fayyada. |

| | | | |
|---|---|---|---|
|  | Muraawwan waraqaa xixiqqaa misimaara qurunfudiin qabsiisi. Akkasumas giluu ykn mastishii iddoo tuqaan olka'u kaardii libsuu irratti godhi.  Sarara iskuweerii 5X2 boordii kaardii irratti ijaari. Qadaada qaruuraawwanii qaawa qaban fayyadamuun kaardii keessa dabarsi(1-10) | E. Daa'imman Lakkofsoota ibsame qubaan ijaaruun akka isaan yeroo baratan lakkofsa barreessuu danda'an gargaara. | |
| **24. Markers for counting sticks or fraction sticks** | Maarkerii moofaan kan hin fayyadne waraqaan ykn haada maxxansituu haguuguu danda'a. sarara ykn lakkofsa irratti ijaarii ulee lakkoftuu ykn firaakshiniif garetti qoodi.. | A. Laakka'uu ulee xiqqaa.<br>B. Safaruu ulee xiqqaa yoo cm mallattaa'e.<br>C. Firaakshinii fi walgitummaa firaakshinii fayyadami. Fkn walakkaa ol sarari. Uleewwan kurmaanaa kurmaanaawwan meeqatu akkawalakkaa ta'an agisa<br>D. Markera moofaa duwwaa daa'immaniif kennuun akka isaan lakkofstuu ulee mataa isaanii akka tolchan godhuun ni danda'ama. Fi kkf. | |
| **25. Markers as speaking sticks** | Daa'imman hunda garee keessatti akka hirmaatan jajjabeessuuf "ulee dubbatu" kan markera moofaa irraa tolfame fayyadami. Haada maxxansituu ykn waraqaa irra kaa'ii halluu dibi. Kanaafuu, a markeraan wal hin fakkaatu. | A. Daa'imman yeroo gochaalee dabaree isaanii fudhachuu mikaneeffachuuf "ulee dubbatu" fayyadami. Naannoo garee darbe fi namichi ulee qabate isa dabaree qabu. (fkn tapha) ykn jecha isaaniitiif. Garee olaantuummaa ykn sodaa qabuuf barbaachisaa dha. Yoo garee gabaasaa fakkeenyaaf filattu Daree hundaafis fayyadamuu dandeessa. Akkuma filannaa gareetti Karaa salphaa xiyyeeffannaa garee hundaa ittiin argatanii dha. Gareen tokko garee itti aanu kan ulee dubbatu kennuuf filachuu. | |

**Tapha**: taphni daa'immaniif baacoo baruumsa ittiin walitti qabanii dha. Akkasumas dandeettii herregaa osoo herreega hojjechuu isaanii hin beekni shaakaluuf. Akkuma dursanii qajeelfama irratti beeksifaman Taphoota baay'eetu jira. Yeroo tokko tokko yeroo tapha beeksisnu beekuun ulfataa ta'uu danda'a. yeroo tokko tokko yeroo barattootni tapha taphatan barsiisonni akka baratаа hin jirretti ilaalu. Taphni yeroo barsiifnu akka gochaaletti itti fayyadamuu dandeenya. Takkaa taphni yoo barsiifame daa'imman irra deddeebi'anii taphachuu danda'u. daa'imman gochaalee yoo xumuran taphachuu qabu. Ykn isaan yeroo barumsi tura ta'e, fudhatama qabu. Sababni daa'imman mana barumsaa turanii dhufan waan ta'eef. Innis karaa gaarii barattootni dafanii akka gara mana baruumsaa dhufan kan jajjabeessuui dha– isaan yeroo gahan yeroo eegan taphachuu danda'u. Daa'imman yeroon gahan akka hin adabamne fi barumsi isaanii akka isaan hin darbine barachuu qabu sababa kan biraa barfateef adabamuu hin qaban. Geemiin iddoo salphatti argachuu dandeenyutti kuufamuu qaba. Kanaafuu, daa'imman osoo barsiisaa hin jeeqni argachuu danda'u
Geemii daa'imman taphachuu danda'anii fi geemii mataa isaanii hojjechuuf jajjabeeffamuu qaban kumaatamatu jira. Kannen armaan gadii fakkenya muraasa dha.



*Boordii lakkofsotaa fakkiin/dootiin bakka bu'e. Liidii lakkofsotni maarkeraan irratti baarraa'a.*
*Yeroo hundaa yaada gaarii tokko ykn lama dhiisuuf, Liidii duwwaa kan darbamuuf jedhu.*

- Gochaalee salphaa dootii fi lakkofsa walitti firoomsuu. Daa'imman wal wajjiin haa dorgomanii ykn yeroo qabatanii yaaluun yeroo isaanii haa moo'anii.
- Liidii cinaa ol fi gadi qabu. Kanaafuu lakkofsi argamu hin danda'u. daa'imman liidii tokko olqabuun ijaarsa isaan walsimu barbaaduu . Daa'imman garee keessaa dabareen haa fudhatan.
- Daa'imni tokko ijaarama haa agarsiisuu warri hafa liidii lakkofsa sirrii qabu barbaaduun olqabuu qabu. Daa'imni sirrii ta'uu mirkaneeffachuu qaba. Da'imni sirrii argate liidii haa tursiisuu. Hanga liidiin hundi dhumtuu itti fufuu qaba. Inni liidii baay'ee qabu ni moo'ata.
- Barsiisaan geemii hoggana. Daa'imman hundi meeshaalee fakkii ni qabu. Barsiisaan gaaffilee haa gaafatuu barattootni deebii boordii fi liidii fi firoomsa keessa haa barbaadanii. Fkn. 5 ida'uu 5, ykn miila meeqatu horii sadii fi lukkuu lama irra jira, 20 hiruu 4, 17 argachuuf irratti meeqa ida'uun qaba.
- Deebii tilmaam. Barsiisaan (ykn daa'imni) fulduratti bahee "ani lakkofsa ta'e yaadeen jira innis--……" daa'imman lakkofsa liidii haa deebisuu kan hin taane … boordii irratti hanga lakkofsi tokko hafutti. Tiimiin duraa ol haa qabu liidiin hafte ni moo'atti. Takka daa'immanitti yoo agarsiifte daa'imman ofii isaanii gareen taphachuu danda'u. fkn "ani lakkofsa ta'e tokko yaadeen jira innis mango miti" ( daa'imman liidii hunda kan lakkofsa magoo ta'e ni deebisu ), "ani lakkofsa ta'e tokko yaadeen jira innis 16 – 6 miti" (daa'imman liidii lakkofsa 10 ni deebisu) "ani lakkofsa ta'e tokko yaadeen jira innis irra guddaa 12 miti 12". Daa'imman liidii 14,16, 18 fi 20 haa deebisanii . haaluma kanaan hanga lakkofsi tokko hatti tapha itti fufu.

<table>
<tr>
<td>
</td>
<td>Liidii lakkofsota 1 – 20 maarkeraan sirritti irratti barraa’an.
<ul>
<li>Tartiibeessuun salphaa – daa’imman ykn dorgommiii garee gidduu jiru irra caalaa bashannansiisaa taasisuuf. Guddaa gara xiqqaa/ xiqqaa gara guddaa hojjechuu ni danda’ama. Can</li>
<li>Baay’ataa 2,3,4 ykn 5 tiin tartiibessi(Guddaa gara xiqqaa/ xiqqaa gara guddaa)</li>
<li>Lakkofsota 10 walitti hidhaman hojjechuuf cimdeessi(liidii 1-10 fayyadami) (liidii dabalataa 0 qabu ida’uu dandeenya) ykn liidii huda fayyadamuu hanga 20. Liidii kam akka fayyadamuu hin dandeenye ilaali (fkn 5 sababni 5 dabalataan waan barbaadduuf 5</li>
<li>Liidota walkeessa maki garuu fuula isaanii olgaragalchi. Osoo daa’imman biraa hin ilaalin daa’mni tokko lakkofsa haa fudhatuu. Isaan hafan lakkofsi kam akka hin jirre haa hojjetanii.</li>
<li>Daa’imman yoo deebiin gidduu 1 fi 20 ta’e,gaaffilee wal haa gaafatanii. Deebiin ol haa qabamuu. Tapha lakkofsa ol tilmaamuun osoo boordiin hin firoomsin hojjetamuu danda’a.</li>
</ul></td>
</tr>
<tr>
<td>
</td>
<td>Boordii lama lakkofsa 0 – 10 qabu irratti barraa’e.<br>
Daayota lama boordiii kaardii darbame irraa tolfaman lakkofsota 0 – 5 qabu irratti barraa’e. daa’imman cimdiin /garee tiimii lama qabuun hiramuun hojjechuu danda’u. tiimiin hundi boordii qabu. Tiimii keessa qadaadni qaruuraa 3 ykn 4 caaluu hin qabu.
<ul>
<li>Daayota lama naannessuun dijiitii itti ida’i. qadaada qaruuraa ykn dhagaa kaardii kee irra kaa’i. hanga lakkofsootni hundi haguuggamanii itti fufi. Inni dursee bira gahe ni moo’ata. Dabalata – qoyyaboota biraaa fayyadami (kanaafuu taphataa lakkofsoota ida’uuf, hir’isuuf, baay’isuuf ykn hiruuf ni filata). Lakkofsoota si’a baay’ee akka fayyadaman gochuun Isa kana irra caalaa xaxaa gochuun ni danda’ama. Fkn yoo 2 fi 3 darbatte 2 + 3 = 5, ykn 2X3 = 6, ykn 2+3+3=8, ykn 2X2=4 +3=7 – 2=5 fi kkf ta’uu danda’a.</li>
<li>Geemii boordii tokkoon taphataa lamaan taphadhu. Namni tokko lakkofsa boordii irraa filachuun qadaada qaruuraa irra kaa’a. Taphatootni lama/tiimiin lama dabareen fudhatanii daayii darbachuun lakkofsa tolchuuf shaakalu. Yoo milkaa’an qadaada qaruuraa irraa baasuun qabatu. Sana booda lakkofsa boordii irraa filachuun qadaada qaruuraa haaraa irra kaa’u. tiimii lakkofsa san tolchuuf taphata – yoo lakkofsicha qabaatan qadaada qaruuraa ni eegu. Yeroo murtaa’eef taphadhu. dhumarratti Kan moo’u isa qadaada qaruuraa heddu qabuu dha.</li>
</ul></td>
</tr>
</table>

<table>
<tr>
<td></td>
<td>Boordonni lama lakkofsota 0,6,7,8,9,12,13,14,15,16,17,18 irratti barraa’e qaban. Daayiin lama kan boordii kaardii darbaman irraa tolfaman lakkofsota 0, 6, 7, 8, 9 irratti barraa’e qaban. Daa’imman garee xiqqaa tiimii lama qabu/cimdiin hojjechuu danda’u. tiimiin hundiboordii qabu. Tiimii keessa qadaadni qaruuraa 3 ykn 4 caaluu hin qabu.<br>Taphni akkuma armaan olitti taphatama.</td>
</tr>
<tr>
<td>
</td>
<td>Poostaa xiqqaa (kan waraqaa ykn boorsaa aannanii irraa hojjetame) ykn sanduuqa xiqqaa keessatti kuufamuu fi qadaada qaruuraa lakkofsota 0 – 9. Yoo 10 fi dabalata 5 irratti daballe lakkofsa 10 waliin hidhata qabu fayyadami.
<ul>
<li>Lakkofsa koo tilmaam. Qadaadni qaruuraawwanii hundi fuula isaanii olgaragalchuun kaa’i. daa’imni tokko (ykn cimdii) waa’ee lakkofsa ta’ee yaaduun dhoksaan haa barreessuu. Daa’imni biraa tkko (cimdii) gaaffilee herreegaa gaafataa lakkofsichi maal akka ta’e yaalu fi tilmaamu. Fkn. Lakkofsi 16 gara 12 tti ni fudhatama(ni deemaa)? Yoo sirrii miti ta’e, qadaada qaruuraa san irraa kaasi(sochoosi) (4). Kanaafuu deebiin akka qadaada qaruuraawwan isaan hafan ta’e ni beeku. Takka deebiin yoo tilmaamame tookkoon tokkoon qadaada qaruuraawwan hafaniif qabxii ni galmeessu. Kanaafuu yoo adeemsa tokkoffaa irratti tilmaaman qabxii 10 galmeessu. Yoo sadi adeeman qadaadni qaruuraawwanii 3 ka’uu qabu. Yeros qabxii 7 galmeessu. Baay’innaan dabaluuf qadaada qaruuraawwan afur qoyyaboota irratti barraa’e qabu beeksisi. Kara gubbaa fi jalaa kaa’uun osoo hundi tapha hin eegalin qadaadaa qaruuraa qoyyabotaa jijijjiiruun qoyyaba sana gaaffilee herreeguu keessatti itti fayyadamuu qabu.</li>
<li>“ani lakkofsa ta’e tokko yaadeen “ – kan geemiiin(taphni) armaan olii qadaada qaruuraa kanaafis ni ta’a.</li>
</ul></td>
</tr>
</table>

<table>
<tr>
<td> </td>
<td>Iskuweeriin 100 kan boordii kaardii ykn boorsaa aannaniiykn kaartoonii irraa tolfame.qadaada qaruuqaawwanii lakkofsota 1 – 100 irratti barraa’an.
<ul>
<li>Firoomsuu – lakkofsota qadaada qaruuraa fayyadamuun iskuweerii dhibbaa irratti walitti firoomsi.</li>
<li>Takka daa’imman iskuweerii dhibbaa waliin walbarraan, sarara iskuweerii duwwaa 10X10 fayyadamuun daa’imman lakkofsa qadaada qaruuraa iddoo sirrii isaa kaa’uu qabu. Yeroo kennuun akka yaalan fi yeroo mataa isaanii irra haa deddeebi’anii. Ykn wal haa dorgomanii</li>
<li>Daayii fayyadamuun geemii Taphachuu. Daayii darbuun ida’uu/hir’isuu/baay’isuu/hiruu fayyadami Lakkofsa adda addaa tolchi. Qadaada qaruuraa deebii irra kaa’i. tiimiin moo’u isa deebii baay’ee haguuge ta’a. iskuweerii 100 garagaraa ykn walfakkaataa irratti taphatamuu danda’a. tiimii hundi qadaada qaruuraa adda addaa qaba (ykn tiimiin tokko qadaadaqaruuraa kara olii fi gadii irratti taphatu.</li>
<li>Geemii armaan oliitiin walfakkaata garuu tiimoonni qadaada qaruuraa dalgee irratti afur gochuuf deebisuu qabu.</li>
<li>Qadaada qaruuraawwanii baa’isuu irra gochuun paatarnii ilaaluu qabu.</li>
<li>Waldorgommii 100’f. (ykn 1’f) daayii darbadhu – (daayii 2,3 ykn 4) lakkofsota ida’i, lakkoftuu lakkofsa sanitti geessi(sochoosi). Dabaree dabareen hanga 100 bira geessanii itti fufaa. Ykn 100 irraa eegaluun hir’isii 1’n dorgomsiisi. Hammam akka socho’u hojjechuuf Qoyyaboota biroos fayyadamuu dandeenya. (fkn 2,3,4 darbadhu ykn ida’ii 9 sochoosi ykn baay’isii 2X3X4 tii 24 sochoosi.</li>
</ul>
</td>
</tr>
<tr>
<td></td>
<td>Tapha Boordii kaardii firoomsuu. Gaaffilee fi deebileen jibriin walitti haa hidhamanii. Jibriin karaa tokko guduunfamee jibriin karaa biraa waliin akka walsimu shaffaaxa murami.<br>
Inni kun mata duree adda addaa baay’ee irraa hojjetamuu danda’a. Faaydaan jibrii jechuun irra deebi’amee fayyaduu dha.
<ul>
<li>Yeroo guuttamaa fudhatama qabu yoo barattootni hojii isaanii xumuran, yeroon bira gahan ykn yeroo bilisaa barannoo keessaa kamuu.</li>
<li>Keessa deebiif gaarii dha – gareewwan adda addaa waan adda addaa tokko qabaachuu fi waljijjiiruu.</li>
<li>Daa’imman kan mataa isaanii hojjechuu danda’u.</li>
</ul>
</td>
</tr>
</table>

| | |
|---|---|
|  | Ta’umsa daree – boordii xiqqaa kaartoona aannanii / boordii kaardii irraa hojjetamu, daayii kaardii irraa tolfame (dootii 0 -5 ), lakkoftuu lakkofsa (1-9)qadaada qaruuraa/korkii irratti barraa’e qabu.<br>Cimdiin hundi boordii fi tuuta lakkoftuu 1 – 9 qabu. Gareen hundi daayii lama qabu. Cimdiin tokko daayii darbuun walitti ida’a. Lakkoftuu lakkofsa isaan walitti dhufu irra kaa’u. Hanga  lakkofsootni hundi haguugamanitti itti fufi. Yoo 2 X duwwaa (kunis 0) darbatan ykn irra deebiin haa darbatan ykn lakkofsa daayii keessaa tokko irraa haa filatan. ( kun akka isaan lakkofsa barbaadan yaadan isaan gochuu danda’a. |
| | |
|   | Boordii kaardii ykn boordii boorsaa aannanii kan irrattii barreeffame minjaala wajjiin. Lakkofsoota boordii kaardii, boorsaa aannanii ykn qadaada qaruuraawwanii irratti barraa’an adda baasi.<br>• Tapha firoomsuu. Lakkofsa waljijjiirii herreega boordii irraa waliin walitti firoomsi. Hamma dandeesse ariitiin yaali.<br>• Lakkofsoota hunda gubbaa gadi jijjiiri. Namni tokko herreeguu filata gariin dabaree fudhachuun lakkofsa tokko waljijjiiruun hanga deebiin jijjiiramutti fi boordii irratti deebi’uti. Isa kana nama biraa herreeguu filateef  irra deeb’i.  Nama biraa lakkofsa jedheef jijjiirii, herreeguu kamtu irra kaa’uuf akka gargaaru hojjechuu qabu.<br>• Gareewwan adda addaa gabatee adda addaa hojjechuu danda’u. |

Kuufamni meeshaalee baa'ee barbaachisaa dha. Meeshaalee hojjechuuf Yeroo baay'ee fudhata. Kanaafuu, barsiisota akka eegan jajjabeessi, salphumatti barbaaduu waan danda'aniif tartiibssi. Kuusuuf yaaduu – boorsaa waraqaa, xaasaa, jabanaa, qaruura, sanduuqa, poostaa waraqaarraa, ykn boorsaa aannanii.




































**Meeshaalee bilisaan argaman.**

Meeshaaleen faabirikaan oomishaman gatiin isaanii qarshii baay'ee (mi'aa) dha. Garuu meeshaalee baay'eetu(meeshaalee darbaman) naannoo keenya kan bilisaan faayyadamuu dandeenyutu jira. Kennaan ida'ametti fayyadamuun naannoo akkameeshaalee gatamanii dhumanii gatamanii lafa keenya balleessaniitti baay'een ilaalu. Kanneen akka Ulee, dhagaa, baaqelaa durumaanuu manneen barumsaa baay'een itti fayyadamu. Garuu asirratti yaadota muraasatu meeshaalee biroo barsiisota akka walitti qaban jabeessuu qabdan kanneen armaan gadiiti.

Qaruura pilaastikaa
jabanaa
xaasaa
Qadaadaa qaruuraa
Boorsaa aannanii
Qabeewwan pilaastikaa
Kaartoonii aannanii fi juusii
Muraa waraqaa
Sanduuqa kaardii (fkn boronqii, qalama)
Sanduuqa Boordii kaardii Cardboard boxes
Tishuu waljijjiiruu
Pilaastikaa muramaa
Haguuggii filiippichaartii
Tubboo mana fincaan
Tubboo rigaa ilkaanii
Teeppii duwwaa
Qalama markeraa dhume
Qalama Liidii
Keebilii moofaa
Tubboo keessoo moofaa
Muraa mukaa
Boorsaa moofaa

## Meeshaalee dheedhii fi meeshaalee barbaachisoo kan meeshaalee baruu barsiisuu oomishuuf gargaaran.





**Meeshaalee bituuf barbaadaman**

Meeshaalee baay'ee barbaachissoo ta'an muraasa kan meeshaalee ittiin oomishuuf kitaaba kana keessatti nu gargaaraniif bitamuu qaban.

Maqasii
Maxxansituu
Markeera
Sarartuu
Haxooftuu
Irsaasii l
Qalama
Jirbii
Giluu(maastishii
Madooshaa
Misimaara
Dungoo
Kibiriita
Qalama gurraacha
Qalama adii

## Odeeffannoo xumuraa muraasa…

Meeshaaleen hundi kitaaba kana keessatti hojjetaman VSO tiin meeshaalee qophaa'amaa argaman irraa hojjetamanii dha. Meeshaaleen dheedhiin baay'een kan baasii hin qamne kan wantoota darbaman kanneen akka kaartoona moofaa, qadaada qaruuraawwanii fi kkf fa'a. Isaan kunniin kennaa dabalataa kan naannoof gaarii ta'e qabu. Sababni irra deebinee meeshaalee dhumoo fi lafarratti darbaman fayyadamaaa waan jirruuf. Meeshaaleen dheedhiin tokko tokko agarsiifaman qophaa'anii biyyoota baay'ee keessatti argamuu dhiisuu malu. Garuu filannoo meeshaalee itti fayyadamuu dandeenyu ni jira. Meeshaalee argamuu danda'an fayyadamuun waa uumaa ta'uun baay'ee barbaachisaa dha. Meeshaaleen uumamaa naannoo irraa agagaman baay'inaan kitaaba kana keessatti hin fayyadamne. Garuu wantootni akka leemman, quuncee muuzaa, dhoqqee(horofa), baaqelaa, sanyii fi firii kuduraa, ulee, dhagaaa hundi isaanii seeraan itti fadamameera.

Yaadota kana sirritti kitaaba kana keessatti odeeffannooleen armaan gadii barbaachisoo dha:

- Meeshaalee gaarii(bareedaa) hojjechuuf yeroo fudhu. Kun akka isaan nama hawwisiisan akkasumas umrii dheeraas qabaatan taasisu. Yeroo lakkofsoota kana barreessinuu fi ijaarru of eeggannoo godhuun barbaachisaa dha. Qubeewwan qulqullinaan yoo barraa'an ijaarsonni bareedoo ta'u. Moofaa, rakasa, meeshaalee maltu na dhibdeen tolfaman gatii hin qaban ykn daa'imman itti fayyadamaniin eegamuu qabu, yoo lakkosootni hin dubbifamne ta'e, gara burjaajina nama ajaja. Sarartuu fayyadami (ykn qarqara qajeelaa) fi irsaasii qajeelfama ijaaruuf, lakkofsootni hojjaa walqixa fi fageenya(space) walqixa qabaachuu mirkaneessi. Lakkofsoota/ qubeewwan fi kkf yoo danda'ame akka dheeratan godhi.
- Daree barsiiftuuf meeshaalee gahaa tolchiifi. Yoo barsiisonni naamunaa (iddattoo) tokko daa'immanitti agarsiisan hin fayyadu. Baay'inni meeshaalee kanaa daa'immaniin kan tuttuqamanii dha. Yoo dareen bal'aa ta'e, mala hiruu/ waljijjiiruu fayyadami. ( tuuta meeshaalee tokko gareef hiri, yoo dareen fayyadame garee biraatiif jijjiiri. Kanaaf meeshaalee hunda fayyadamuun xumurama)
- Kuusaan baay'ee barbaachisaa dha. Fudhatama kan qabu meeshaalee qabee keessatti kuusuu dha.( sanduuqa, boorsaa, qaruura, kaartoonii fi kkf) keessa taa'u – gareef ykn daree hundaaf gahaa dha. Sirnaan tartiibessi kanaaf daa'imman salphamatti meeshaalee arguu danda'u. of eeggannoon meeshaalee kuusuun bara baay'eef turuu danda'a.
- Yeroo meeshaalee kennituuf bakka bu'aa kan meeshaalee funaanuufi kiititti deebisuuf itti gaafataamummaa fudhatu filadhu. Kun barsiisaan akka yeroo qusatuu fi meeshaaleen seeraan akka eegaman gargaara.
- Meeshaalee jecha takkaan akka baay'ee ibsuu dandeenyu kan baruumsa adda addaa keessatti nu fayyadu hojjechuuf yaali. Fakkeenyaaf, qadaada qaruuraawwanii lakkofsota qaban barannoo herregaa baay'eef fayyadamuu dandeenya. Fkn. Tuuta 0-9 lakkofsota dijiitii tokkoo tartiibessuuf ykn akkasumas lakkofsota dijiitii 4 ykn 5 hojjechuuf salphaa dha
- Daa'imman meeshaalee mana isaaniitii fidanii akka meeshaalee mataa isaanii qopheessan jajjabeessi. Maatii isaaniitti akkamitti akka fayyadaman agarsiisuu danda'u. as keessatti maatiin suutumeen barachuu daaa'immanii keessatti hirmaachuu danda'a
- Yeroo hunda meeshaalee argamuu danda'an qabu waan ta'eef daa'imman akka fayyadaman jajjabeessi. Yaada fooyya'iinsi daa'immanii meehaalee kana fedhuu irra caalaa jedhu balleessi.


- Daldalaa naannoo, suuqii, mana bunaa, hoteela fi kkf gaafachuun meeshaalee dheedhii akka isinii walitti qaban gaafadhu. Maatii fi daa'imman gurguddoon akka meeshaalee kan hojjettan isin gargaaruu danda'u. meeshaaleen hojjechuun yeroo baay'ee fudhata. Kanaafuu, gargaarsa kamuu hamma danda'ame itti fayyadami.
- Barsiisota biroo waliin meeshaalee yaali. Kanaaf, guutumaan guututti akkamitti akka fayyadamuu dandeettu osoo barattoota waliin hin yaalin dur ni hubattaa. Meeshaalee fi gochaaleen kitaaba kana keessatti guuttamaa miti. Akkauma fayyadamtuun kara yaada mataa keetiitti dhufuu dandeessa. Yoo argatte Barreessitii aakkasumasi hiri. Hundi keenya Walirraa barachuu ni dandeenya.

Yaadota akka waan gaaritti(fayyadutti) ni fudhatta jedheen amana. Kitaabni kun garee(kutaa) meeshaalee bal'inaan **http://www.meshguides.org** argamuu danda'anii dha.






Favourite sport
Basket ball
Cycling
Football
Volley ball




0-9
9 sets




1l + ½ l bottles
capacity or weight
(1kg or ½ kg)

VSO

UKaid